



Abuna Maatiyaas




Qulqulluu Birhaana Yesuus Suraafeel



Luba Doktor Yoonas Yiggazuu



Paastar Tsaadiquu Abdo



Kaffaltiii Qofaaf Miti ...

Baankii Awaash
with **AwashBank**

Awash E-School
Management System

Abbootiin amantaa ergaa baga geessanii dabarsan

Gammachuu Kadiriifi Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Abbootiin amantaa Kiristaanaa garaagaraa kabaja guyyaa ayyaana dhalachuu Gooftaa Yesuus Kiristoos sababeeffachuun ergaa baga geessanii dabarsan. Ayyaanichi lammiilee harkaqaal'eeyyiifi qe'eesaaniirraa

buqqa'an yaadachuun ayyaanefatamuu akka qabus dhaamaniiru.

Paatiriyaarkiin Mana Amantaa Ortodoksii Tawaahidoo Itoophiyaatti Abuuna Maatiyaas lammiilee biyya keessaafi alaatti argaman dhalachuun Gooftaa Yesuus bakka miidhagaafi mijataa ta'uun hafee mooraa loonii keessa kan ta'eef qulqullootaafi osoo

hin taane cubbamootaaf akka ta'e ibsaniiru.

Wayita ayyaanichi ayyaanefatamuu namoota rakkoo nageenyaan buqqa'an, hongeen miidhamaniifi rakkoo garaagaraaf saaxilaman hunda waan qabaniin tumsuun dirqama amantaafi lammummaa akka ta'e dhaamaniiru.

Gara fuula 19tti



Ambaasaaddar Isheetee Xilaahuun

Hojii dippilomaasiitiin gufuuwwan birmadummaa biyyattii hedduun buqqa'aniiru

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Hojii Dippilomaasii cimaa hojjetameen gufuuwwan birmadummaa biyyaattii hedduun maqfamaa jiraachuu Ministeerri Dhimma Alaa beeksise.

Gara fuula 19tti

Ulaa addunyaatti gadiba'aniin argachuun Itoophiyaa milkaa'ina seenaqabeessa

- Hayyoota Siyaasaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Waliigaltee mootummaa Sumaalelaandii waliin taasisteen ulaa galaanaa argachuun Itoophiyaa calaqqee cimina dippilomaasiifi milkaa'ina seenaqabeessa ta'uu Hayyootni Jimaata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf ibsan.

Gameessi Siyaasaa Obbo Leencoo Lataa akka jedhanitti, mootummaan Sumaalelaandii dhimma siyaasaafi dinagdee biyyattiirratti murtoo gochuuf mirga guutuu qaba. Ummatni Sumaalelaandi Somaaliyaa waliin tokkoomanis daguuggaa sanyii mootummaa Somaaliyaa yeroo sanii Ziyaad Barreen duguugiinsi sanyii irratti raawwatamuusaatiin bara 1991 filannoo ummataatiin mootummaa mataasaanii dhaabbatan. Itoophiyaan dursuun gaarii ta'uu baatus Sumaalelaandi beekantii biyya ta'uu argachuu sababa ga'aa qabdi, argachuus qabdi.

Gara fuula 19tti



Obbo Leencoo Lataa



Doktor Immiruu Gammachuu



Ministirri
Mummee Doktor
Abiyyi Ahmad
Ayyaanota
dhufaa jiran
sababeeffachuun
lammiilee 225f
maaddii qooduu
Waajjirri Ministira
Muummee
gabaaseera.



Gabaa ayyaanaatiif omishni gahaan dhiyaachuun ibsame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Ayyaana Dhalachuu Gooftaa Yasuusiifi Cuuphaasaa sababeeffachuun beeyladdootafi omishaaleen qonnaa gahaan akka

dhiyaatan hojjechaa jiraachuu Biiron Daldala Oromiyaa ibse. Giddu galli Misooma Beeyladaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnees gabaa ayyaanaa tasgabbeessuuf dhiyeessiirratti hojjechaa jiraachuu beeksiseera.

Gara fuula 19tti

ODUU



“Waamichi Itoophiyaanota dhaloota lammaffaaf taasifame yaada cimaadha”

- Doktor Gazzaahany Hordofaa (diyaaspoora)

Charinnat Hundeessaatiin

Waamicha Ministirri Muummee RFDI Abiyyi Ahmad (PhD) tibbana Itoophiyaanota dhaloota lammaffaaf taasisan (“Back to your origins”) hordofee diyaasporaawwan gara biyyaatti dhufaa jiru.

Gaazexaan Bariisaas dhalataa Itoophiyaafi hayyuu miseensa Mana Marii Magaalaa Toronto (Kanaadaa) ta’uun tajaajilaa jiraniifi waamicha taasifame hordofuun ilmaaanii qabatanii gara biyya dhalootaasani dhufan Doktor Gazzaahany Hordofaa (diyaaspoora) Kamisa darbe dubbiseera. Isaanis yaada ittaanu kennaniiru.

Waamicha Mootummaan Itoophiyaa wayita kanatti dhalattoota lammaffaa lammiilee Itoophiyaaf taasisse hordofeen ilma koo qabadhee dhufe. Kunis ilma koo aadaa, seenaafi duudhaalee Itoophiyaa wajjin walbarsiisuuf carraa gaarii naa uumeera.

Keessumaa yeroon kun yeroo ayyaanni Qillee ittikabajamu waan ta’eef haala ayyaanichi ittikabajamu akka hubatuuf carraa guddaa kan uumeefiidha. Haati warraa koo dhalattuu biyya Kanaadaa waan taateef ilmi keenya waa’ee aadaa, seenaafi duudhaa Itoophiyaa homaa hinbeeku. Kanaaf ilmi koos ta’e maatiin koo carraa kana argachuu keenyatti daran gammanneerra.

Hoteelonni baay’een hir’isagatii taasisaniiru. Baga nagaan dhuftan jechuun haalli simannaa Daandii Qilleensaa Itoophiyaa kan durii caalaa daran namatti tola. Sirriitti simatanii nama keessummeessu.

Iddoowwan tokko tokko kanneen akka paarkiiwwaniifaa tola akka daaw’ataman taasifamaniiru. Waantoonni taasifamaa jiran hawaasa diyaaspoora kan jajjabeessaniidha. Dhaloonni haaraan yoo kana arge kan biraa dabalee yeroo biraas deebi’ee dhufuu danda’a.

Diyaaspooraan marsaa kanaan hinmijanneef sagantichi hanga Fulbaanatti kan turu waan ta’eef carraa Mootummaan Itoophiyaa kenne kanatti sirnaan fayyadamuu qabu.

Akkuma beektan, haala nageenyaa biyya keenyaatiin walqabatee baay’een keenya ni sodaanna. Dhufuufis qophii hinturre. Ani waanin dhufee argetti gammadeera. Haalli

Gara fuula 23tti

“Aadaan waldeeggaruufi miirri obbolummaa haala kamuu keessatti cimuu qaba”

- Obbo Qajeelaa Mardaasaa

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Haala kamuu keessatti ummattoota biyyattii biratti aadaan waldeeggaruufi miirri obbolummaa cimuu akka qabu Ministirri Aadaafi Ispoortii Obbo Qajeelaa Mardaasaa ibsan.

Obbo Qajeelaan Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, har’a shira siyaasaa xaxamuun waldhiibuu, walciiga’uun kan calaqqisu yoo ta’u, duudhaan waltumsuu waan haphate fakkaata.

Ta’us ummatni Itoophiyaa durii eegalee gammachuu keessatti daboo walii ba’uun, cidha walii bareechuu akkasumas rakkoo keessatti walhirphuufi aadaa wal jajjabeessuu cimaa qabaachuusaa dagatamuu hin qabu.

Miidiyaalee hawaasaafi idileen ololli jibbiinsaafi waraanni labsamu taatee yeroo gabaabaa ta’uu ibsanii; ummatni garuu ummata waggoota dheeraa waliin jiraate waan hedduu waliin qooddate waan ta’eef salphaatti olola yerootiin diigumsatti kan affeeramu akka hin taane jala sararaniiru.

Namaaf namni qoricha ta’uunsaa aadaa



keenya keessatti dhimma bakka guddaa qabudha kan jedhan Obbo Qajeelaan; ayyaana sababeeffachuun aadaan wal hiyyaafachuu, firooma cimsuufi harka qalleessa hirphuu akkuma jirutti ta’ee harka qalleessa waaraan hiyyummaa keessaa baasuuf karaa itti agarsiisuufi tumsuu barbaachisaa ta’uu dhaamaniiru.

Akka biyyaatti qaala’iinsa jireenyaa dabalaa dhufe mo’achuuf aadaa hojii halkaniifi guyyaa hojjechuu gabbifamuu

akka qabus hubachiisaniiru.

Akka Ministeera Aadaafi Ispoortii tokkummaa, Obbolummaafi walkabajuu ummattoota biyyattii dagaagsuuf hojiiwwan hedduun hojjetamaa turuu yaadachiisani; tibba kanas namuu aadaa tokkummaa, kabajaafi jaalala waloo haala cimsaturratti guyyaan waloomaa dorgommii ispoortii dabalatee sagantaalee garagaraatiin kabajamuu dubbataniiru.

Gara fuula 19tti



Kora 14ffaa qorannoo Oromoo seeneessa dabe sirreessuuf kaayyeffate

Bayyanaa Imrahimiin

Adaamaa: Seenaafi seeneessi dogongoraa biyya kana keessatti hundee gadi fageeffachuun seenaa dhugaa dhoksee sobammoo dhugaa fakkeessuun dhaloota barsiise. Dhalootni seenaafi seeneessa sobaa kanaan guddatan immoo daandii dogongoraa kana qabatanii dhugaa jiru fudhachuuf rakkatan.

Adeemsi sabootni dhugaan jalaa dabde sirreefachuuf falmii taasisan immoo warra seenaafi seeneessa dogongoraa dhugeeffateef heexoo caalaa itti hadhaa’a.

Kora seenaafi seeneessa dabde

sirreessuudhaan duudhaan Oromoo akka ijaarsa biyyaatiif oolu irratti xiyyeeffate Magaalaa Adaamatti taa’ameera. Ammaan booda sodaafi sodaachisa kamiinuu seenaa dabe osoo arganii bira darbuun akka Irbuu nyaachuutti tumamee jala sarame.

Korri Qorannoo Oromoo marsaa 14ffaa kaleessaafi dheengadda mata duree “Duudhaa keenya ijaarsa biyya keenyaaf “jedhuun Magaalaa Adaamaatti adeemsifameera. Sadarkaa Pirezdaantii Ittaanaatti, Walittiqabaan Kilastara Hawaasummaa Obbo Abdulhakim Muluu haasaa waltajjicharratti taasisaniin akka jedhanitti, Inistitiyuutin Qorannoo Oromoo dhimma kana qorannoon deeggaruudhaaf

hojii boonsaa ta’e hojjachaa jira.

Oromoon dhimma fedherratti qorannoo gageessuun dhugaa jalaa dabde barbaachuudhaaf yeroo mirga guutuu itti argate keessa jiraachuu himanii, Korri Qorannoo Oromoo dhugaa saba guddaa dagatame barbaaduuf taasifamaa jiru kun immoo yeroo gaaffiin ulaa galaanaa Itoophiyaan kaasaa turte itti deebii argattetti ta’uunsaa adda isa taasisa.

Gaaffiin waggoota dheeraa yeroo ammaa deebii argate kun immoo adeemsa dippilomaasii bilchaataafi dandeettii marii fudhatanii kennuurraa kan madde waan

Gara fuula 23tti

Ijoo Dubbii

Baga ittiin isin ga'e!

Mucaan nuu dhalateera, ilmis nuuf kennameera; humni mootummaasaa gatiittiisaarra jira; maqaansaa, "Gorsaa, dinqii, Waaqayyo jabaa, abbaa bara baraa, angafa nagaa" ni jedhama." (Raj. Isa. 9:6)

Ayyaana Dhalachuu Gooftaa Yesuus Kiristoos kan bara 2016 boru, Mudde 28 kan ayyaaneffattan hundaaf Baga Waaqayyo Ayyaana Ifa Dhalootasaatiin isin ga'e.

Waggaa waggaadhaan guyyaa dhalootaasaa kan kabajamu Waaqayyo uumaan tokkicha ilmasaa gara biyya lafaatti erguudhaan ilmaan namaa ofitti araarsuufi gocha guddaa inni raawwate yaadachuudhaan isa galateeffachuufi.

Akka abbootiin amanti ibsanittis, "Waaqayyoo ilmaan namaa gara ulfinasaa isa duraaniitti deebisuuf hojjiisaa isa

dinqisiisaa hubannaa namaa ol ta'een, tokkichi ilmisaa foon uffatee namoota gidduu deddeebi'uudhaan nagaa akka labuufi gatii cubbuu ilmaan namootaa baasuudhaan nama ofiisaatti araarse".

Kunis gatiin Waaqayyo biyya lafaatiif nagaa kennuuf baase hammam guddaa akka ta'e mul'isa. Yommuu waa'een nageenyaa biyya kanaa daran yaadessaa ta'e kanatti yeroo ayyaana dhalachuu kabajnu, Waaqayyo nagaa buusuuf waan karaasaa nuu raawwate yaadachaa isa galateeffachuufi nagaa buusuuf fakkeenyasaa hordofuun ni mala. Akka nagaa waaraan bu'uufis gama hundaan dhama'uutu mala.

Waldhabdeen kamuu furmaata argachuu kan danda'u maree, waldhaggeeffachuufi araaraan qofa ta'uun sirritti hubatamuu qaba. Waaqayyo namni akka badu hinjaalatu; kanaafis karaa Kiristoos araara buuse du'a jireenyatti jijjiire. Namni hundi mirga jireenyaan jiraachuu waan qabuuf kunis qabatamaan mirkanaa'uu qaba.

Nageenya karaa nagaatiin mirkaneessuuf qaamoliin karaa seeraan alaa hidhatanii ummata gidirsaa jiran hundi gara mareefi araaraatti deebi'uu qabu. Waaqayyos haala biyya keenyaa keessa seenee nagaasaa akka buusuufi kadhataan fuula ararasaa barbaaduun ammoo amantootarraa eegama; Inni mootii nagaa waan ta'eef.

Ayyaana Dhalootaa Gaarii!

Waliigaltee cabiinsa barootaa fayyisu

Gaanfi Afrikaa Itoophiyaa, Ertiraa, Somaaliyaafi Jibuutii hammateefi ardii Afrikaatti kutaan gara bahaa naannawa humnoonni addunyaa ijaafi qalbii irra buufataniidha.

Duraan naannawa kana iddoo xiyyeeffannoosaanii ijoo taasisanii kan turan biyyoota 'irree cimaa' qaban kanneen akka Ameerikaafi Chaayinaa yoo ta'an, amma garuu gaanfi Afrikaa dorgomtoota haareyyiif dirree falmii murteessaa ta'eera.

Sa'ud Arabiyaan, Gamtaan Emeretota Walta'ani, Turki, Kaataar, Iraaniifi Misir naannawa Gaanfa Afrikaatti faayidaasani eegsifachuuf adda durummaan socho'aa jiraniidha.

Yeroo ammaa Ameerikaa, Firaansi, Jaappaan, Chaayinaa, Gamtaan Emeretota Arabaafi Turki dabalatee biyyoonni 11 qarqara Galaana Diimaarratti ganda humna waraanaa qabu. Sababiin naannawa kanatti argamuusaaniis biyyaa biyyatti addaa addadha.

Lafa kiiloo meetira kuma lamaafi 250 kan aguugu koriidariin Galaana Diimaa sarara bishaanii galaana Medetiraaniyaaniif garba Hindii darbee gara Eeshiyaatti qaani'uu yoo ta'u, waggaa waggaadhaan sochii daldalaa biliyoonaan lakkaa'amu irratti adeemsifama. Daldalli addunyaa %10 ol waggaa waggaadhaan karuma galaana kanaa darba. Sararri daldalaasaa daran tarsiimawaadha. Naannoon Galaana Diimaa zayitiifi albuudawwan gatijaboodhaanis kan badhaadheedha.

Akka ragaaleen adda addaa ibsanitti waggaafti fe'iinsi tooniin miliyoonni 52, konteenaroonni miliyoona afuriifi karadeemtoonni kuma 275fi 700 ni imalu.

Waliigalteen tibbana ulaa galaanaa ilaalchisuun Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmadiifi Pirezidaantii Somaaliilaandi Muusees Bihii Abdiitiin Finfinneetti mallatteeffame fayyadamummaa Itoophiyaa kan mirkaneessuufi cabiinsa barootaa kan fayyisuudha. Waliigaltichi seenaa oggaa biyyoonni fagoorra jiran galaana qaxxaamuranii dhufanii fayyadaman ilaalaa turte hundeeraa kan haarseseedha.

Kanas Doktor Abiyi Ahmad, "Cabiinsawwan ijoo Itoophiyaan mudate keessaa dhimmi ulaagaa galaanaa isa tokko. Tibbana waliigalteen cabiinsaa barootaa kana suphu Somaaliilaandi wajjin mallatteeffameera".

"Itoophiyaan qabeenya qabdu qooddee walfaan misoomuuf fedhii qabdu irra deddeebiin ibsaa turteetti. Kunis biyyattiin mariidhaan malee waanti dirqiidhaan raawwatu tokkollee akka hinjirre bareechee kan ibsuudha" jechuun ibsan.

Dhugaadha. Waliigaltee Wiixata darbe, ALA bara haaraa faranjootaa (Amajjii 1 bara 2024) mallatteeffameen qabatamaan mirkanaa'eera. Waliigalteen kun ummata Itoophiyaa dhabiiinsa ulaa galaanaatiin barootaaf gaabbii keessa tureefi jaalattoota misoomaa hundaaf oduu aagaa cimaadha. Kanaan cabiinsiiwwan ni suphamu, Itoophiyaan ni badhaati. Gara sadarkaa ittaantutis ni ceeti.

Yaada

Mootummaa RDFfi Somaalii Laandii gidduutti waliigalteen waltumsaafi waldeeggarsaa mallattaa'eera

Waliigaltichi tumsa dameewwan dinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi loitummaa bal'aa kan hammateedha.

Somaalii Laandiin fedhii qircannaa kolonii Warra Lixaa hordofee, gita bittaa Ingilizii jala kan turte yammuu tahu, ALA tti Juun 26, bara 1960 biliisomte. Yeroo sana biyyoonni baay'een beekamtii kan kennaniif tahuunis ni yaadatama. Haa tahu malee, baruma sana guyyoota shaniin booda gita bittaa Xaaliyaanii jala turtee kan biliisomte Moqaadishootti fedhii isheetiin makamte. ALA Bara 1991 ammoo irra deebiin biliisummaa ishee labsatee waggootan 30n darbaniif filannoo nagaatiin aangoo mootummaa waljijjiiraa demokraasii shaakalaa jirti.

Itoophiyaa dabalatee biyyoonni adda addaa Argeessaatti waajjira Qoonsilaa banatanii socho'aa jiru. Haa tahu malee hanga ammaatti beekamtii guutuu hin arganne. Kanas tahee tajaajila Ulaa Galaanaafi misooma biroorratti biyyoota tokko tokko waliin waliigaltee mallatteessiteetti.

Yeroo ammaa kana biyyoonni biroonis adeemsa walfakkaatu hordofaa jiraachuun beekamaadha. Kun wayita tahu mormiis tahe komiin dhaga'ame hin turre. Waliigaltee argannaa tajaajila ulaa daldala galaanaafi dahoo qubannaa humna waraanaa Itoophiyaan qajeeltoo kennanii fudhachuufi kiraatiin mallatteessites sanarraa adda miti. Itoophiyaafi Somaalii Laandii gidduu waliigaltee waltumsaa bubbuletu ture.

Yaalii gareen lamaan hariiroo michummaa duraan qaban caalmaatti cimsuuf taasisaniin kan mallattaa'e waliigalteen waltumsaa miilanaa kum gaaffiiwwan seenaa qabeessa gama lamaanii kan deebisu, waltumsaafi deeggarsa ifa tahe, kan adda baheefi tarsiimo'aa itti fufiisaan ijaaruu kan dandeessisuudha. Gama Somaalii Laandiitiin gaaffiiwwan biyyi kamuu waan barbaadeef milkeessuu hin dandeenye kan deebisu yammuu tahu, tumsaafi shariikummaa biyya kamirraayyuu argachuu hin dandeenye kan gonfachiisuudha.

Fedhii biyya keenyaa ilaalchisee imaammata haajaa alaa keenyarratti ifatti haala ibsameen ollaa keenyaaf dursa kennina. Kanaafis rakkoo isaanii qooddannee fala isaatiif waliin hojjechuu, qabeenya keenya waliin misoomsuufi qooddachuudhaan mul'ataafi fedhii waltumsaan guddachuuf qabnu milkeeffachuuf nu dandeessisa. Carraa mirkaneeffannaa wabiifi faayidaa biyyaalessaa keenya eeggachuufi tarkaanfachiisuu nuuf uuma.

Biyyi keenya seenaa yeroo dheeraa, giddugaleessaafi dhiyoo keessatti qabeettii ulaa galaanaa turte. Shira dhiyoofi fagoorraa furgaafameen ulaa galaanaarraa dhiibamtee turuuf dirqamte. Boodarra deebitee ulaa galaanaa qabaateetti. Boodana ammoo waggootan kurnan sadan darbaniif gaaga'ama keessoofi shira alaatiin wal-waraansa waliinii keessa turte. Xumura waraansa waliinii kanaatti dogongora seenaafi seera duratti raawwatameen waggootan soddomma darbaniif deebitee ulaan itti cufamte.

Mootummaan jijjiiramaa waggootan shanan darban waraanaan osoo hin taane qajeeltoo kennanii fudhachuutiin cabiinsa seenaafi gaabbii dhalootaa sirreessuuf filannoo ulaa galaanaa dhaabbiifi guddina biyya keenyaa waliin wal madaaluufi amansiisaa tahe barbaacharratti cichee hojjechaa tureera. Yaadni kun calqaba

bara kanaa irraa eegalee gabbachuudhaan Itoophiyaanotaafi hawaasa idil addunyaaf ifoomuuf gaheera. Mootummaan biyya kamuu waliin waraanatti kan hin senneefi filannoowwan qaama hunda fayyadamtoota taasisan jiraachuu kan amanu tahuu ejjennoo qabachuun, Itoophiyaanis qajeeltoo kennanii fudhachuutiin qabeenyashee kan qooddu tahuu ibsaa tureera.

Haaluma kanaan gurra kennuufi dhaga'uuf kan fedhaniif ammas ejjennoon kun kan hojjetu tahuu ibsa.

Dhimmoota faayidaa waloorratti Somaalii Laandii waliin mariin bilchinaafi tasgabbi qabu ji'oottaniif godhameera. Kanaafis waliigalteen qaamolee lamaan fayyadamoo taasisu mallattaa'eera. Sanada kanaan Itoophiyaan odola galaanaa Eden irratti carraa tajaajila daldala ulaa galaanaafi dahoo qubannaa humna waraanaa ittiin argattu uuma. Akkaatuma ejjennoo mootummaan dursee ibseetiin Somaalii Laandiin Daandii Xayyaaraa Itoophiyaarraa qooda liizicha keessaa tilmaamamu akka qabaattu godha.

Yaalii Somaalii Laandiin beekamtii argachuuf taasisu keessatti mootummaan Itoophiyaa gadi fageenyaan xiinxalee ejjennoo qabatus ni dabalata.

Qabeenyi uumamaa Uumaan qaxanicha badhaase hunda keenyaafuu gahaadha. Diddaan waltumsaa sodaanis tahe shiraan aguugame gadi aantummaa umrii gadadoo ummatootarratti dheeressuun alatti egeree caalu kan uumu miti. Waliigalteen Somaalii Laandii waliin raawwatame fedhii Itoophiyaan qajeeltoo kennanii fudhachuufi waltumsaatiin biyyoota ollaa waliin misoomuuf agarsiise qabatamaan kan mirkaneessedha. Carraan kun hundaafuu banaa kan tureefi ammas kan itti fufuudha.

Waliigaltichi carraa gadadoofi gaabbii barootaa Itoophiyaanota yaaluu kan uumeedha. Kanaafis taatee seenaa qabeessa Itoophiyaanota hunda gammachiisuudha. Itoophiyaanoniifi michuuwwan ishee, hawaasni idil addunyaa nagaa qaxanichaaf yaadaniifi hawwan hundi gammaduu qabu.

Biyyis tahe qaamni waliigaltee kanaan miidhamu tokkollee hin jiru. Seerri cabeeff amantaan dabes hin jiru. Haqni kun akka eegametti tahee, qaamni dhimmichi karaa nagaa xumuramuun aarse, naasiseefi haalicha booressuuf dhama'u hin jiraatu hin jedhamu.

Waan taheefis, Itoophiyaanoni biyyi keenya qaxanichatti hanga isheef maluufi madaaluun, ardii keenyaafi addunyaarratti iddoo isheef malu wayita argattu, gahee ijaaraa wayita bahattu, faayidaa ishee wayita kabachiifattu qofa kan waliin kabajamnu tahuu amanuudhaan, kan yeroo kamiyyuu caalaa garaagartummaa keenya waldandeessisnee harka walqabchuun akka mul'annuuf mootummaan RDFI waamicha dhiyeessa.

Kun cehumsa seenaa baroota keessatti yeroo tokko uumamu waan taheef carraa kanatti fayyadamnee biyya keenya haa baraarru. Qeeqa seenaa baroottaniin booda dhufu ooluuf wal abaaruu wal sakaaluu keessaa baanee boqonnaa mul'ina Itoophiyaa tokkummaan itti labsinu haa godhannu!!

Mudde 2016

Finfinnee

Tajaajila Koomunikeeshinii Mootummaa



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Qormaanni Finfinneetti hojjetootaaf kanname miira dorgommiifi kaka'umsa kan uumuudha jedhame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Qormaatiin ogummaa bu'uureffate kan tibbana Hojjetoota Bulchiinsa Magaala Finfinneef kenname hojjetaa gidduutti miira dorgommiifi kaka'umsa kan uumu ta'uun ibsame.

Hojjetotni qormaatiicha fudhatan Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, qormaatiichi namni bakka isaaf malu akka hojjetu kan taasisu, kaka'umsa hojiifi of fooyyeessuuf kan isaan gargaarudha.

Kutaa Magaalaa Nifaas Silki Laaftooti, Hojjetaan Waajjira Hojiifi Ogummaa Aanaa 08 Obbo Gulummaa Kumaa akka jedhanitti, addunyaa dorgommii kana keessatti namni dorgommii haqa qabeessaan bakka isaaf malu argate mataasaafis ta'e biyyaaf bu'aa guddaa gumaachu. Qormaatiin kenname hojjetoota ga'umsa qaban adda baasuun gita hojii isaanif malurratti ramaduuf calaltuu sirrii ta'uun alatti warra kaan biratti kaka'umsa uuma.

Qormaatiin tekniika hojii isaanif kenname hojii sektarasaanii waliin hidhata kallattii qabaachuu himanii, haalli qormaatiin sun itti kennamee jiru haqa qabeessa ta'uusaan hojjetoota hojiisaaniitiin ga'umsa qabaniifi hinqabne adda baasuuf madaala sirrii ta'ee itti mal'achuu ibsaniiru.

Kutaa Magaalaa Gullalleetti, hojjetaan Waajjira Hojiifi Ogummaa Obbo Magarsaa Bokoree akka dubbatanitti, qormaatiichi afaan sadiin kennamuunsaa hojjetootni ga'umsa qaban afaan dhalootasaaniin akka ibsatan taasisuun carraa walqixa



Obbo Magarsaa Bokoree

madaalamuu kan mirkaneessedha.

Akka Obbo Magarsaatti, yeroo tokko hojjetootni ogummaasaaniiratti ga'umsa osoo qabani sababa filannoo afaanii dhabuun qormaata kennamu darbuu dadhabu. Kun ammoo xinsammuusaaniis ta'ee waajjira keessaa hojjetan sana ni miidha. Afaan tokkoon qofa hojjetoota eenyummaa garaagaraa qabanif qormaata kennuun fayyadamummaa haqa qabeessa dhabamsiisa.

Qormaatiichi afaanota sadiin kennamu qofa osoo hintaane, haala, qabiyyeefi yeroo walfakkaatu keessatti kennamuunsaa malaammaltummaa qormaataan walqabatus kan hambise ta'uu Obbo Magarsaan ibsaniiru.

Biiron Pablik Sarvisiifi Misooma Humna Namaa Magaalaa Finfinnee gamasaatiin akka ibsetti, kaayyoon qormaatiichaa



Obbo Gulummaa Kumaa

gahumsa hojjetootaa qormaataan adda baasuun manneen hojii mootummaa keessatti tajaajila saffisaa kennuun itti quufinsa ummata magaalichaa dabaluuudha.

Biirichatti Ittigaafatamaan Damee Bulchiinsa Misooma Humna Namaa Obbo Malaakuu Taammiruu akka jedhanitti, seektaroota garagaraatti qorannoon taasifamee ture. Kanaanis seektarootatti hojmaanni badaa jiraachuu, ittiquufiinsa tajaajilamtootaa gadaanaa ta'uu, tajaajila kennamuuf sadarkaan kan hinkennamne ta'uu, kaka'umsa hojjetootaa gadaanaa ta'uufi rakkooleen biroos adda ba'aniiru.

Rakkooleen kunneen hunderraa furuuf biirichi hojii rifoormii gaggeessuuf kan murteesse ta'uu himanii, irra caalatti seektaroota bulchiinsa magaalichaa 16 keessatti rakkooleen bifa adda ta'een mul'atan maqsuuf hojjetoota hojiirra jiran



Obbo Malaakuu Taammiruu

bifa haaraan ramadii taasisuuf qormaatiin qophaa'e.

Akka Obbo Malaakuun jedhanitti, seektaroota rifoormiin keessatti gaggeeffamu kana keessatti hojjetoota tajaajilamtootaa bifa ga'uumsa qabuun tajaajiluu danda'an gita isaanif malurratti akka dandeettiisaanitti ramaduun itti quufiinsa tajaajilamtootaa dabaluuuf gaggeessitootaafi ogeessota seektaroota garaagaraa keessatti argaman qormaataan adda baasuuf qormaata kallattiidhaan hojiisaanii faana hidhata qabu akka qoraman taasifame.

Hojjetoota bulchiinsa magaalichaa qormaataan adda baasee ramaduun alattis rakkooleen seektarooticha keessatti argaman furuuf biirichi hojmaataa haaraan teknoolojiin deggerame diriirsuuf hojjetaan jiraachuu ibsaniiru.

Hubaatiin fayyaa hawaasaa waraana Itoophiyaa kaabaatti adeemsifameen walqabatu qoratamuu qaba

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Sababa waraanaa taasifamee tureen walqabatee rakkoon fayyaa hawaasaa naannoolee Tigraay, Amaaraafi Affaaritti hammaate deggersa taasisuuf akka tolutti sirriitti qoratamuu akka qabu kallattiin kaa'ame.

Wiixata darbe yaa'iin Rakkoo Quucaruu Daa'immaniifi Inshuraansii Fayyaa Hawaasaarratti xiyyeeffate wayita adeemsifametti, Ministirri Muumme Ittaanaafi Ministirri Haajaa Alaa Itoophiyaa Obbo Dammaqaa Makonnon rakkoo quucaruu daa'immanii sababa waraana tureen hammaateefi harkifannaa inshuraansii fayyaa hawaasaa ilaalchisee deggersa barbaachisu taasisuun akka mijatutti rakkooleen kunneen gad fageenyaa qoratamuu akka qaban qajeelfama dabarsaniiru.

Sababa waraanaanis ta'e rakkooleen biroon walqabatee sirna nyaataa fooyyeessuu dadhabuun rakkoon quucaruu daa'immanii Itoophiyaa Kaabaatti calaqqisu rakkoo hamaa tarkaanfachuu dadhabame ta'uu eeranii, fala dha'uun



akka mijatutti keessattuu waraana tureen walqabatee rakkoon fayyaa hawaasaa mudate atattamaan qoratamee dhiyaachuu akka qabu hubachiisaniiru.

Pirezidaantiin Bulchiinsa Yeroo Naannoo Tigraay Obbo Geetaachoo Raddaa gamasaaniin akka jedhanitti, waraanni Itoophiyaa Kaabaatti adeemsifame ture hongee amma mudateen walqabatee rakkoo quucaruu daa'immanii hammeesseera. Haaluma walfakkaatu, ummatni

naannichaa fedhii tajaajila inshuraansii fayyaa qabaatus qaqqabummaan jiru garuu gadaanaadha. Rakkoon fayyaa, hawaasummaafi dinagdee naannicha jiru haalaan ulfaataadha. Kanaafuu, ummata naannichaa baraaruu deggersi addaa mootummaa federaalaafi hawaasa idil addunyaatiin taasifamuu qaba.

Yeroo ammaa ummatni naannichaa kaffalee wal'aanamuun haa hafuutii buusii inshuraansii fayyaa kaffaluufuu humna

akka hinqabne himanii, rakkoo kanaaf xiyyeeffannoon adda kennamuu baannaan gaaga'amni caalu mudachuu akka danda'u sodaa qaban ibsaniiru.

Ministirri Fayyaa Doktor Liyaa Taaddasaa gamasaaniin, rakkoon Itoophiyaa Kaabaa jiru hamaa ta'uun hubatamee hanga humni eeyyamu deggersi barbaachisaan taasifamaa jiraachuufi fuuldurattis kan taasifamu ta'uu ibsaniiru.

Gama Inshuraansii Fayyaa Hawaasaan hojii hojjetameen lammiilee miliyoona 55 ta'an fayyadamoo ta'uu eeranii, uwwisnisa dhibbantaa 59 irra yommuu ga'u bara dhufu guutumaatti waliin ga'uuf hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Akkasaan jedhanitti, haala amma jiruun aanaaleen biyyattii kuma tokkoofi 20 fayyadamoo tajaajilichaa wayita ta'an qarshiin biliyoona 6.4 walitti qabameera. Tajaajila kennamuun yommuu wal bira qabamu buusiin miseensotarraa walitti qabamu dhibbantaa tokko kan hincaalledha. Dhibbantaa 31 arjoomtotarraa, harki caaluu jechuunis dhibbantaa 33 ol ammoo mootummaan kan ramadedha.


Mijuu

BARIISAA SANBATAA Mudde 27 Bara 2016



**Ikoo Turizimii Haroo
Wancii-Dandii:
Pirojektii
fayyadamummaa
dargaggootaas
mirkanessu**

fuula 10



**“Amantoonni
hundi ergamtoota
nageenyaa ta’uu
qabu”**

- Luba Darajee Janbaru

fuula 6



**Magaalaa ‘smart’
taatetti, investimantii
‘smart’ ta’e
dhugoomsaa kan
jirtu, Shaggar**

fuula 11



**Barreeffamni kun walta’iinsa
Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Waldaa Dargaggoota Caffee Hojii Gamtaa
Waliigalaatiin ji’atti altokko kan dhihaatudha**

Waldaan Dargaggoota Caffee Hojii Gamtaa Waliigalaa gatii gabaa tasgabbeessuu hojii dursaa godhatee hojjechaa jira

Natsaannat Taaddasaatiin

Waldaan Dargaggoota Caffee Hojii Gamtaa Waliigalaa keessumaa Magaalaa Finfinneetti omishaalee qonnaa gatii madaala’an jiraattota magaalatiif dhiyeessuun beekama. Hojii waldichi gama kanaan raawwachaa jiru gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti gahee guddaa qaba. Waldichi gabaa ayyaanaattis omishaalee barbaachisan baay’inaafi qulqullinaan gabaaf dhiyeessuudhaan gatii gabaa ayyaanaa tasgabbeessuu keessattis fakkeenyummaa gaariin eerama.

Waldichi gabaa ayyaanaatti hoolota, re’oota, sangoota, lukkuuwwan, hanqaaquu, dhadhaa, shunkurtii, xaafii, qamadiifi omishaalee biroo baay’inaafi qulqullinaan gatii madaala’an gabaaf dhiyeessuudhaan beekama. Waldichi miseensonniifi hojjettoonni mootummaa kaffaltii ji’a sadiitiin omishaalee waldichi dhiyeessu akka bitaniifis haala mijeesseera.

Pirezidaantiin waldichaa Sanyii Idashuu akka jedhutti, waldichi qonnaan bultoota waliin walitti hidhamiinsa gabaa uumuun daldaloota seeraan alaa ittisuufi gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jira. Waldichi bu’aa utuu hintaane fayyadamummaa hawaasaa mirkanessuu hojii dursaa taasifatee hojjechaa



jira.

Daldaloonni seeraan alaa omishaalee bitanii kuusuun akka waan hanqinni mudateetti gatiiin akka olka’uuf yoo socho’an, waldichi garuu omishaalee gahaa dhiyeessuun shira daldaloonni seeraan alaa xaxan saaxiluufi fashaleessuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Gama kanaan hojiilee bu’aaqabeessa raawwateera; raawwachaas jira.

Waldichi keessumaa qaala’ina gatii tasgabbeessuu keessatti waldaa gumaacha olaanaa taasiseera taasisaas jira kan jedhu Sanyiin, gara fuulduraattis omishaalee qonnaa hanqina gabaaf dhiyaatanirratti hanqinni akka hinmudanneef cimtee kan hojjetu ta’a. Waldichi omishootaafi fayyadamtoota gidduutti riqicha diriirsuun daldaloota seeraan alaa qaala’ina gatii uumuuf socho’an ittisuurratti

xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Waldichi wiirtuu gabaa Kutaa Magaalaa Nifaas Silki Laaftoo, naannawa Jamoo Tokko jedhamee beekamutti, omishaalee qonnaa xaafii dabalatee midhaan, fuduraafi kuduraa adda addaa gatii madaala’an bitattootaaf dhiyeessaa jira. Waldichi qaala’ina gatii tasgabbeessuu keessatti hojii fakkeenyummaa gaarii qabu raawwachaa tureera; raawwachaas jira. Hojii waldichi raawwachaa jirutti kan gufuu ta’an jiraatanis waldichi imalasaa cimsee ittifuera jedha Sanyiin.

Yeroo ammaa ummanni sababa qaala’ina gatiitiin miidhamaa jira kan jedhu Sanyiin, qaala’inni gatii kun hanqina omishaaleetiin utuu hintaane shira daldaloonni seeraan alaa aanga’oonni tokko tokko xaxaniin kan uumameedha. Fakkeenyaaf mankuusni waldichaa xaafii kuntaala 500 ol qabatee jiru sababa tokko malee akka saamsamu ta’eera. Mankuusoni waldaaleefi yuniyenoota biroos isaan harkaa fuudhamee daldalootaaf kennuun omishaalee akka keessa kuusan ta’eera. Wayita ummanni qaala’ina gatiitiin rakkachaa jirutti mankuusa waldaaleefi yuniyenoata saamsuufi daldaloota omishaalee bitanii tuulani qaala’inni gatii akka mudatu taasisaniif kennuun sirrii miti.

Wayita ummanni qaala’ina gatiitiin rakkachaa jirutti mankuusa waldichaa midhaan keessa

tuulamee jiru saamsuun sirrii miti kan jedhu Sanyiin, waldichi rakkoo isa mudate kana xalayaadhaan qaamolee dhimmichi ilaallattutti beeksiseera. Komishiniin Hojii Gamtaa Federaalaas dhimmichi deebii hatattamaa akka argatuuf xalayaadhaan beeksisis waldichi deebii hatattamaa utuu hinargatin tureera.

Waldichi gatii gabaa tasgabbeessuuf seeraafi sirna kabajee hojjechaa jira kan jedhu Sanyiin, qaala’inni gatii ummanni mootummaarratti akka ka’u waan taasisuuf mootummaan shira daldaloonni seeraan alaa qaala’insi gatii akka mudatuuf xaxan hordofee sirreessuu akka qabu gaafata.

Mootummaan qaama mankuusa waldichaa seeraan alaa saamses seeraan gaafachuufi tarkaanfii seeraa irratti fudhachuu qaba kan jedhu Sanyiin, waldichi rakkoo isa mudatan kamiifuu utuu harka hinkennin imalasaa cimsee ittifuufuu gabaa Ayyaana Qilleefis omishaalee ayyaanichaaf barbaachisan fayyadamtootaaf kan dhiyeesse ta’uu pirezidaantiin waldichaa himeera.

Waldichi hordoftoota amantaa Kiristaanaa maraan Baga Ayyaana Qillee bara 2016 nagaan geessan! jechaa Ayyaanichi kan nagayaa, jaalalaa, tokkummaafi badhaadhinnaa isiniif ta’u

KEESSUMMAA BARIISAA

“Amantoonni hundi ergamtoota nageenyaa ta’uu qabu”

- Luba Darajjee Janbaruu

Saamraawit Girmaatiin

Ayyaanni Dhalachuu Gooftaa Yesuus Kiristoos ayyaanota hordofoota amantii Kiristaanaa biratti bakka olaanaa qaban keessaa tokko yoo ta’u, yeroo baay’ee Mudde 29, waggaa afuritti si’a tokko yommuu Qaam’een guyyaa ja’a taatu ammoo Mudde 28 kabajama.

Guyyaan yaadannoo dhalootaa kun sadarkaa idiladdunyaattillee kan kabajamu yoo ta’u, biyyoota alaatti torban tokko dura sirna ho’aadhaan kabajamee darbeera. Kutaan Qophii Gaazexaa Bariisaas hordofoota Amantii Kiristaanaa ayyaanicha kabajan mara бага ittiin isin ga’e jechaa, dhimma ayyaanichaafi dhimmoota amantii biroorratti Barreessaa Muummee Kaawunsilii Manneen Amantii Warra Wangeelaa Itoophiyaa (KMAWWI) Luba Darajjee Janbaruu keessummaa taasifateera; dubbisa gaarii.

Bariisaa: Yeroo keessaniif galatoomaa jechaa, mee dubbistoota Gaazexaa Bariisaatiin walbaraa. Eessatti dhalattanii, guddattan, barattan?

Luba Darajjee: Tole, Luba Darajjee Janbaruun jedhama. Barreessaa Muummee Kaawunsilii Manneen Amantii Amantoota Warra Wangeelaa Itoophiyaati. Kanin dhaladhee guddadhe Gojjamitti yoo ta’u, hangan kutaa 12ffaa xumuruttis achuman ture. Isa booda gara Finfinnee dhufeen Seminaarii Makaana Yesuusitti, tiwooloojii baradheen gara Itoophiyaa kaabaatti, Walloo, Tigraayyifi Affaaritti yeroo dheeraadhaaf tajaajilaafi manneen amantii gaggeessaan ture.

Bariisaa: Ijoolummaa keessan akkamiin yaadattu, yommuu barattanoo barataa akkamii turtan?

Luba Darajjee: Gama barnootaatiin barataa hangas mara cimaa jedhamu hinturre. Barnootakoorratti gahee olaanaa kan qabu abbaakooti. Abbaankoo daldalaas qonnaan bulaas waan tureef namoota naannawichatti jireenya gaarii jiraatan keessaa tokko ture. Waan dhimma hojiif gara Finfinnee dhufaa tureefis namoota baratan ni arga. Haala kanaan hanga kutaa 12ffaatti manneen barnootaa naannawaa dhalootakoo jiranitti baradheera. Ijoolummaakoo barnootumarratti xiyyeeffadheen dabarse.

Bariisaa: Maatii keessaniif ilma meeqaffaadha?

Luba Darajjee: Abbaakoof kan jalqabaa ana. Haadhakoof garuu shanaffaadha.


Bariisaa: Yommuu barattanoo maal ta’uu hawwaa turtan?

Luba Darajjee: Yeroo baranne bara Hayilasillaasee sana dabtarri, aannan, kobbeen suurri mootichaa irra jiru nuu kennama waan tureef barachuu malee waan biraa hin yaadnu turre. Yommuu kutaa ja’affaa geenyu garuu maal ta’uu akka barbaannu nu filachiisu turan. Yeroo sanatti wanti guddaa ani argu xiyyaara balaliisuu waan tureef anis isuman hawwan ture.

Bariisaa: Fedhiin keessaniifi wanti isin taatan garuu walirraa fagoodha. Mee akkamiin gara tiwooloojiitti dhuffanii wangeela barsiisuutti seentan?

Luba Darajjee: Ani akkakootti baay’ee walirraa fagaata jedhee hin yaadu. Ani kanin yaade akka biyya lafaatti samiirra balaliisuudha. Akkan addunyaa hafuuraatiin balalisu hinbarren ture. Waan si dhibu anis gaafan gara Finfinnee dhufu jireenya hafuura keessan gala jedhee hin yaadne.

Suurri: Kaawunsilicharraa



Rakkoon keenya Rinni ijoo quba walitti qabuudha. Inni kun eessaanuu nun hinga’u. Ta’uu kan qabu ani akka dhuunfaatti waanin hojjechuu qabu hojjechuu dhabuukootiin nageenyi akka dhibu hintaasisnee? Isa jedhu of gaafachuudha

Bara 1966 kutaa 12ffaa xumureen hojii barbaacha Finfinnee dhufe.

Haaluma sanaan hojii barsiisummaa argadheen qarshii 20n mindeeffamee hojjechaan ture. Ollaankoo nama Wallagga Lixaa, Aanaa Ayiraarraa dhufe ture. Inni amanaa Waldaa Warra Wangeelaa Makaana Yesuus ture. Guyyoota tokko tokko oggaan dhugaatii alkooolii dhugee xiqqoo natti ho’u isa bira deemeen taphadhan ture. Yeroon isa bira deemu gaafa tokkollee kana sana naan hinjedhu garuu, wayyaa natti jijjiiree, kophee nattii baasee, kaalsii naa miiccee akka obboleessaatti ofitti na qaba.

Jireenyisaa suuta suuta keessakoo seenee, akkan akkasaatti jiraachuu barbaadu itti hime. Innis wangeela dhugaa naaf ba’ee Yesuus Kiristoosiin akka fayyisa lubbuukoo godhee akkan fudhuu na taasise. Haala kanaanin bara 1967 seminaarii seene jechuudha.

Bara sana barattoonni kan dhufan karaa sinodosootaa ta’uus, ani garuu waanin gara kaabaatii dhufeef sinodosiillee hinqabuun

ture. Luba tokkodu kaabarraa nama tokko nuu barsiisaa jedhee warra adii naa gaafatan; isaanis tole jedhan. Yeroos Luba Guddinaa Tumsaafaatu ture. Isaanis na deggaran, “Phaaphaasii keenya Gojjaam” naan jedhu turan. Haaluma kanaan misiyooniin naa kaffalee seminaarii seenee baradhe jechuudha.

Bariisaa: Yeroo sana akkamiin yaadattu?

Luba Darajjee: Dhugaa dubbachuuf gaafan achi seene Amaariffarraa kan hafe gaafa afaan biraa dubbatamu dhaga’ellee hinbeeku; jiraachuusaas hinbeeku. Achitti garuu baay’inaan Afaan Oromoo akkasumas, obbollooni Kibbafaarraa dhufan waan jiraniif afaanota naannawaasaaniitu dubbatama ture.

Hawaasa guddaa tokko keessan seene. Gara jalqabaarratti ormummaan natti dhaga’amee ba’uu laata yeroon jedhellee tureera. Ta’us namni guddaa Luba Bantii Garbaa jedhaman waan dhiheenyaatti na hordofaafi na jajjabeessaa turaniif baradhee xumuruu danda’eera. Boodarra garuu baay’eesaanii waliin hiriyyaa taane. Afaanillee na barsiisaa turan. Kanin yaadadhu kaardii Afaan Giriikii baranurratti, Afaan Oromoollee nan barreeffadhan ture.

Kanarratti mudannoo tokko sii kaasuuf jechoota Afaan Oromoo hiriyoonnikoo na barsiisan keessaa nagaa gaafannaan isa tokko. Ergan namoota nagaa gaafadhee booda akkan, “Biyyoo nyaadhu” jedhu na barsiisan; hiikasaas nagaa gaafachuudhuma jedhanii natti himan. Anis haala kanaan namootaan akkam jirtu, fayyaadhaa? jedhee ergan gaafadhee booda, biyyoo nyaadhuun jedhaaniin ture. Boodarra warri kaan gaafa na’aa, kaan kolfaa na ilaalan namoota kaanirraa hiikasaas adda baafadheen jechuu dhiise.

Waliigala turtiinkoo seminaarii, biyyaakoofi ummataakoo akkan ilaalu na taasiseera. Jaalalli dallaa afaanii, qomoo sanyii homaa tokkollee akka hinqabne itti hubadheera. Firoonni achitti horadhe yommuun rakkadhu, bal’adhu, gammaduufi dhibamu na bira dhaabatu. Kanaaf akka agarsiistuutti sii kaasuuf yeroo tokko manakoo bishaan nyaate. Borumtaasaa lafa qotanii naa ijaarsisuu isaantu eegale.

Bariisaa: Erga Seminaariidhaa baatanii boodawoo eessafaa deemtanii tajaajiltan, eessafaas hojjetaniittu?

Luba Darajjee: Achii ba’ee kallattiidhaan abbaa wangeelaa ta’ee kanin ergame gara Daseetti. Yeroonsaa bara Dargii waan ta’eef nuuf yeroo ulfaata ture. Akkasumas

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

“Amantoonni hundi ...

naannawichi hordoftoonni amantii Ortodoksiifi Musliimaa waan itti baay’ataniif nuu rakkisaa ture. Mootummaan akka basaastuuwaniifi jaalala biyyaa hinqabnetti nu yaadaa ture. Garuu obboloonni muraasni naannawa sana jirru daran kan waljaalannu, waanuma tokkoofillee kan hinjilbeenfanne turre. Tokko yoo hidhame inni hafe hojii wangeelaa ittifufsiisa malee hindhaabatu ture. Hojii hafuura qofa osoo hintaane hojiilee misoomaa baay’ees hojjenneerra. Haala kanaan hojiin achitti eegaleen gara ittigaafatamummaattis suuta dhufee bakkeewwan garagaraatti tajaajileera.

Bariisaa: Egaa erga hojii wangeelaatti seentanii waggoota 50 guutuuf jettu. Akkuma kaastan yeroon itti eegaltan yeroo ulfaataadha. Mee jireenya keessan keessatti yeroo ulfaataa hindaganne utuu nuu kaastanii?

Luba Darajjee: Inni yeroo Dargii yoomiyyuurra yeroo ulfaataadha. Gara deemtetti dhagaan sitti darbatama, ni arrabsamta, akka uumama addaatti ilaalanta. Yeroo barbaadanitti qabani si hidhu. Yeroon sun ulfaataa ta’us amantii keenyatti jabaannee akka dhaabannu kan nu taasiseedha. Waaqayyoo Waaqa nama eeguufi nama gargaaru ta’uu kan itti barannedha. Bara isatti amananii kufuun itti hinjirre ta’uullee hubanneerra.

Bariisaa: Wangeelli isin yeroos gatii itti kanfaltan kun ammarra yoo ilaallatan, bakka isin yaaddan ga’eeraa?

Luba Darajjee: Waan baay’eedhaan ga’eera jedheen amana. Kiristaanummaan yeroo keenyaa xiqqoo jabaataadha. Soomuu, sagaduu, wangeela dubbifachuu, halkanii guyyaa kadhachuufi faarfachuutu ture. Caalaatti baay’annee kan argamne yeroo ADWUItti. Yeroo dhugumaan fayyisuu Gooftaa Yesuusiin sirriitti itti argine ture.

Isa akka bara ammaa raajin baay’atee waanti dubbatamuufi raawwatamu waliirraa fagoo ta’e osoo hintaane yeroos wanti dubbatame yeroodhuma sana ta’a. Maalis ta’u maal garuu firii aarsaa bara sana itti kanfallee amma argaa jirra. Lakkoofsaan baay’anneerra. Amantoota miliyoonaan lakka’aman kallattii afuriin qabna.

Adda addummaan baay’ataa deemuun ammoo inkirdaadni keessaa hindhibu. Sababa kanaaf garuu bakka yaadne hingeenye jechuu hindandeenyu.

Bariisaa: Keessumaa baay’achuu waliin walqabatee, qulqullinnisaa bu’eera jedhamaatii, isin maal taajjabdan?

Luba Darajjee: Yeroo kan keenyaa namni erga Gooftaa Yesuusiin fayyisaa lubbuusaa godhatee fudhatee booda walitti aansuun barnoota cimsannaa barata. Hordoffinis sirriitti taasifama. Amma garuu baay’ina namaafi hanqina tajaajiltootaarraa kan ka’e hordoffiin cimaa jira jedhee hin yaadu. Kana malees yeroo keenyaa kiristaanummaan dhugaaf jiraachuu, jireenya barabaraa ittiin argachuudha jennee amanna malee, maallaqa ittiin argachuuf miti kan itti seenu. Amma garuu barris dhaloonnis jijjiiramaa jira natti fakkaata; namni kiristaanummaa faayidaa dhuunfaa wajjin yommuu walqabsiisu namoota muraasarratti argaa jirra.

Bariisaa: Haala maatii keessanii utuu nuu ibsitanii?



Luba Darajjee: Ani bultoo dhaabbadhee, ijoollee shan godhadheera. Afur kanuma ofiikoo tokkommoo kanin guddise jechuudha. Hunduu of danda’anii jireenyasani gaggaffataa jiru.

Bariisaa: Mee dhimma dhuunfaa keessan keessaa haa baanuuti, Kaawunsiliin Manneen Amantii Amantoota Warra Wangeelaa Itoophiyaa erga hundaa’e hammam ta’eera, maalis hojjetaa jira?

Luba Darajjee: Erga hundoofnee reefu waggaa sadii. Kaayyoonnaas manneen amantii warra wangeelaa bittinaa’anii turan gaaddisa tokko jalatti fiduudha. Kun immoo tokkoffaa tajaajila wangeelaatiif, lammaffaa shoora akka biyyaatti ba’annuuf daran fayyada.

Sagaleen keenyas yommuu walitti dhufnu dhageettii qabaata. Akkasumas, bu’uura heera biyyattiitiin mirgi amantoota keenyaa eegamee jiraachuuf dhaabbata waliinii qabaachuun barbaachisaadha. Biyya keessatti qofa osoo hintaane biyyaa alattillee hojjechuun kan dandeessisuudha.

Darbees barsiisawwan sirrii hintaane qajeelchuuf kaawunsilichi gahee olaanaa qaba. Sababnisaa manneen amantii warra wangeelaa eeyyama kan argatan karaa keenyaan waan ta’eef. Yeroo dhufan dokimantii sirrii ulaagaa taa’e guutu fidatanii waan dhufaniif ittiin jiraachuusaanillee akka hordofnuuf nu gargaara. Darbee darbee hanqinoota akkanaa arguurra kan hafe, wangeelli hojjetamaa jira.

Haala kanaan kaayyoo jedhameef zeeroorraa ka’ee kan hundaa’e kaawunsiliin kun, waajjira bananii caasaa gurmeessuun hojii salphaa hinturre. Gargaarsa Waaqayyoo namoota muraasa faayidaasaa hubataniin hojii eegalee, amma dameelee 160 ta’an Itoophiyaa keessaa qaba; biyyoota alaa Afrikaa Kibbaa, Emireetoota Arabaafi kkfttis eeyyama fudhachuun waajjira bananneerra; Ameerikaatti ammoo adeemsa jirra. Adeemsa kanaan kanneen jalqaba nu baqataa turanillee faayidaasaa baranii nutti makamaa jiru.

Kana malees hojiilee misoomaarrattillee hirmaachuun hojii kaawunsilichaa keessaa tokko. Dhiheenyallee qarshii miliyoona 300 ta’u walitti qabuun naannolee Oromiyaafi Kibbaatti hojjechuuf waliigalteen mallattaa’eera.

Bariisaa: Kaawunsilichi manneen amantii warra wangeelaa meeqa miscensummaan qabateera?

Luba Darajjee: Gara kuma lamaafi 500 ta’u. Kanneen kanaan dura Ministeera Nageenyaa jala turan gara keenyatti dhufan jechuudha. Kunneen amantoota miliyoona 30 ol akka qaban tilmaamama. Lakkoofsi kun ministiriwwan hojii misoomaa hojjetan hindabalatu jechuudha.

Kaawunsilii keenya jalatti kan hinmakamne kanneen ulaagaa hingunne muraasni jiru. Fakkeenyaaf kanneen sadan waaqa tokkichaatti hinamanne, kitaabota Kakuu Haaraafi Moofaa 66n hinfudhanne, fayyisummaa Yesuus Kiristoositti hinamanneefi hinfudhanne kaawunsilii keenya jalatti hinhammataman.

Bariisaa: Keessumaa yeroo ammaa yeroo biyyi yoomiyyuu caalaa nagaa barbaaddudhaatii, kaawunsilichi gama kanaan maal hojjetaa jira?

Luba Darajjee: Yeroo ammaa Itoophiyaatti waa hunda dura nageenyatu barbaachisa. Waa hundi ta’uu kan danda’u yoo nageenyi jiraate qofa. Sababa nageenyi hinjirreef waan baay’ee dhabneerra. Wanti inni nutti fidu beela. Namni yoo ba’ee hinhojjetu ta’e waan nyaatu hinqabu. Kanaaf dhimma kanarratti qaamolee garagaraa sadarkaa addaddaarra jiran waliin hojjetaa jirra.

Amantoonni bakka jiranitti ambaasaaddara nageenyaa ta’anii akka jiraataniif xiyyeeffannaadhaan barsiisna. Sababnisaa Macaafni Qulqulluu “kan araarsan qulqulluuta” waan jedhuuf tajaajila sana akka kennan barsiisaa jirra. Akkasumas waltajjiwwan mootummaan dhimma kanarratti qopheessu hanga danda’ametti deggaruurratti argamna.

Ammarratti ammoo qabatamaadhaan maal gochuu qabna, ummanni maal nurraa barbaada isa jedhurratti bor utuu jennee gaabbuurra sadarkaalee garagaraatti irratti mari’ataa jirra. Kanammoo waan cimnee ittifufnuudha. Sababnisaa nageenya malee bu’aan waan hinjirreef. Ani akka carraa Ruwaandaa deemee ilaaleera. Yommuun achitti abbootii amantii waliin haasa’u, har’arra bor wayya jechaa wantoota callisanii taa’anii ilaaluun ulfaataadha naan jedhan.

Wangeela keessatti dubartii Abeegiyaa jedhamtutu ture. Abbaan Warraashee

Naabaal jedhama. Namni kun hamaafi rakkisaadha. Isheen immoo amalaafi miidhaginaan mudaa hinqabdu. Sababa rakkoo abbaan warraashee uumeen garuu Daawwiit ajjeesuuf loltoota 400 ol qabatee oggaa gara manashee deemu, karaarratti eegdeetu Daawwiitiin “harkikee dhiiga akka hindhangalaasne” jettee deebisteen. Fuuldurashee loltuu dheekkamee waraana qabate waliin yoon du’es maatiikoo durseen du’a jettee dhaabatte.

Egaa kanarraa har’a kanneen abbootii amantii jedhamnu barachuu qabna. Yoo du’uun nurra jiraate nuti dursinee haa duunu. Fuuldura baanee adaraa jennee kadhachuu qabna. Mootummaas, humnoota hidhatanii jiranis kadhachuun nurraa eegama. Ummata kana hiyyumniifi beelli kanaan duraa isa ga’a. Kanaaf hundi keenya gara sammuu keenyaatti deebinee, hubannee deebi’uu qabna.

Dhimmoota irratti dheekkamuufi itti dhibamne yoo qabaanneellee isa dhiisnee furmaatarraatti mari’achuu qabna. Tokko tokko ajjeesuudhaan furmaanni ni dhufaa? isa jedhu dhaabannee ilaaluu qabna. Utuu isaan furmaanni ni dhufa ta’ee hamma yoonaa nagaa nitaana turre.

Seenaa biyyoota addunyaarraallee yoo ilaalle Liibiyaan nagaa taati turte. Awurooppaa yoo ilaallee waraanaan Itoophiyaa caalaatti dhumiiisni kan ittitaasifame ture. Namni waan nyaatu dhabe bara kopheefi wantoota garagaraa itti nyaate dabarsaniiru. Sanaan bu’aa dhabanii boodarra gaafa waliigalteedhaan tokko ta’anii jiraachuu eegalaniidha sadarkaa har’aarra kan qaqqaban.

Nutis kanarraa hubachuun walii keenya jaallannee tokkummaa keenya jabeeffachuu qabna. Kanaafis keessumaa abbootiin amantii teenyee mari’annee, isa miilarratti kufamee kadhataamu qabu kadhannee ummanni boqochuu qaba jedheen amana. Yoo du’as ta’e ofirratti murteessine dhaloota kana oolchuu qabna.

Bariisaa: Namoonni baay’ee dhimma nageenyaa ittigaafatama mootummaa qofa taasisanii fudhatu. Kanarratti yaada akkamii qabdu, keessumaa amantootarraawoo maaltu eegama jettu?

Luba Darajjee: Rakkoon keenya inni ijoo quba walitti qabuudha. Inni kun eessaanuu nun hinga’u. Ta’uu kan qabu ani akka dhuunfaatti waanin hojjechuu qabu hojjechuu dhabuukootiin nageenyi akka dhibu hintaasisnee? Isa jedhu of gaafachuudha.

Yoo waa gochuu baanne utuu ilaalluu callisuuniyyuu sirrii miti. Kanaaf amantoonni hundi ergamtoota nageenyaa ta’uu qabu. Waliin jiraachuura kan hafe filannoon nageenyaa hinjiru. Wantoonni waliin jiraachuu dhiisuuf jecha taasisnu hunda keenya nu balleessa.

Har’a waanin humna qabuuf injifachuu nan danda’a ta’a; garuu boris nan mo’adha jechuu miti. Abidda daaraa keessatti dibameedha. Waan akkanaa yommuu tasa dho’u balaan isaa olaanaadha. Kanaaf furmaannisaa mari’achuu, waliin dubbachuudha. Waan kaleessa ta’e tokkoosaayyuu deebisuu hindandeenyu. Har’arra dhaabannee garuu

Qarreefi Qeerroo

Ikoo Turizimii Haroo Wancii-Dandii: Pirojektii fayyadamummaa dargaggootaas mirkaneessu

Natsaannat Taaddasaatiin

Haroon Wancii Naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Wancii, Ganda Wanciitti Finfinneerraa karaa Magaalaa Walisoo ykn Magaalaa Amboo kiiloometira 140-150 fagaatee argama. Haroon kun gaarreen bosona uumamaa uffataniin marfamee argama. Haalli teessumaafi uumama harichaa daran qalbii namaa hawwata.

Haroon miidhagina addaa qabuufi mandara turistii addunyaa ta'ee filatame kun baroota dheeraaf utuu hin misoomin dagatamee ture. Ijaarsi pirojektii Ikoo Turizimii Haroo Wancii-Dandii pirojektota sagantaa 'Maaddii Biyyaaf' jedhuun ijaaramaa jiran keessaa isa tokko yoo ta'u, hojiin ijaarsa pirojektii Haroo Wancii waggaa lama keessatti xumuramee yeroo ammaa eebbaaf qophaa'aa jira.

Qaama ijaarsa pirojektii kanaa kan ta'ee hojiin ijaarsa pirojektii Haroo Dandiis kan itti fufuufi waggaa tokko keessatti kan xumuramu ta'uu qindeessaan pirojektichaa Obbo Dhaabaa Jinfeessaa garee gaazexeessitoota dhiyeenya kana pirojekticha daaw'atetti himaniiru.

Qopheessummaa Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaatiin gareen gaazexeessitootaa dhiyeenya kana sadarkaa hojiin ijaarsa pirojektii Haroo Wancii irra jiru daaw'ateera. Haroon Wancii yeroo ammaa bu'uuraalee misoomaa barbaachisuun guutamee utuu hineebbifaminiyyuu turistootaan daaw'atamaa jira. Haroon barootaaf dagatamee ture kun yeroo ammaa misoommee iddoo dawwannaa bashannanaa filatamaa ta'ee qalbii turistoota biyya keessaafi biyya alaa hawwachaa jira.

Barreeffama kanaan ijaarsi pirojektichaa gama carraa hojii dargaggootaaf uumuufi jiruuf jireenya hawaasa naannawaa fooyyessuutiin gahee akkamii qaba dhimma jedhurratti xiyyeeffachuun yaada qaamoleen dhimmichi ilaallatu nuuf kennan akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Qindeessaan Pirojektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii Obbo Dhaabaa Jinfeessaa akka jedhanitti, ijaarsa pirojektichaatiin dura hawaasni naannawichaa tajaajila ibsaafi daandii asfaaltii hinqabu ture. Pirojektichi ijaaramusaatiin hawaasni naannawichaa yeroo ammaa tajaajila ibsaa, daandii asfaaltiifi bu'uuraalee misoomaa biroo argateera.

Tajaajilli telekoomii '4G's naannawichaa qaqqabeera. Riqichi guddaan pirojektii kana waliin hojjetameera. Bu'uuraaleen misoomaa pirojektichaan walqabatanii hojjetaman hundi fayyadamummaa hawaasa naannawaa mirkaneessuuf dargaggootaaf carraa hojii bal'aa uumuu keessattis gahee guddaa kan qabu ta'uu himaniiru.

Pirojektichi yeroo guutummaatti ijaarsarra ture namoota naannawa harichaa akkasumas Godina Shawaa Lixaafi Shawaa Kibba Lixaa jiraatan kuma shanii oliif carraa hojii uumee ture. Hojiin ijaarsa pirojektii Haroo Wancii yeroo ammaa sadarkaa xumuraarra jiraachuufi dhaabbiidhaan namoota 560f



carraa hojii uumee jiraachuu himu.

Dargaggoonni naannawaa haroo Wancii gurmaa'anii hojii turistoota daaw'achiisuu, farda turistoonni ittiin imalan qopheessuu, nyaata aadaa qopheessuu, bu'aalee ogummaa harkaa gara garaa gurguruu, yabala turistoonni haricharra ittiin imalaniifi bashannanan kanneen biroorratti hirmaatanii hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Loojiin Haroo Wanciirratti ijaaramaa jiru yeroo gabaabaa keessatti xumuramee yeroo hojii eegalu dabalataan namoota 113f carraa hojii ni uuma kan jedhan Obbo Dhaabaa, kanaafis dargaggoota koollejjotaafi yunivarsiitiwwan gara garaa irraa eebbifaman 97 leenjii guyyoota 45f leenji'anii qophaa'aniiru. Gara Laangaanoos deemanii muuxannoo akka argatan ta'eera jedhu.

Ijaarsi pirojekti Haroo Wancii eebbifamee guutummaatti yeroo tajaajila guutuu kennuu eegalu dabalataan dargaggoota hedduuf carraa hojii bal'aa kan uumu ta'uu himanii, hojiin ijaarsa pirojektii Haroo Dandiis ittifuufiisaan kan hojjetamu ta'uufi waggaa tokko keessatti kan xumuramu ta'uus himaniiru. Ijaarsi pirojektii Haroo Dandiis dargaggoota naannawichaa carraa hojii bal'aa kan uumu ta'uus eeraniiru.

Hogganaa Ittaanaa Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo Isheetuu Sirneessaa akka jedhanitti, Pirojektiin Ikoo Turizimii Wancii-Dandii pirojektoota sagantaa 'Maaddii Biyyaaf' jedhuun sadarkaa biyyaatti hojjetamaa jiran keessaa isa tokko yoo ta'u, yeroo ammaa hojiin ijaarsa pirojektichaa xumuramee eebbaaf qophaa'eera. Pirojektichi hawaasa naannawaa keessumaa dargaggootaaf carraa hojii bal'aa kan uume ta'uufi gara fuulduraattis kan uumu ta'uu himaniiru.

Ijaarsi pirojektichaa dargaggootaafi hawaasa naannawaa carraa hojii bal'aa kan uume ta'uu himanii, dargaggoonni naannawaas waldaadhaan gurmaa'anii hojiilee gara garaarratti hirmaachaa jiru. Mootummaan naannichaas rakkoo hojidhabdummaa

dargaggootaa hir'isuuf carraa hojii bal'aa uumuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Obbo Tashaalaa Sabbooqaa qonnaan bultoota naannawa Haroo Wancii jiraataniifi bakkichumatti dhalatani guddatan keessaa isaan tokkodha. Ijaarsi pirojektichaa carraa guddaa kan argamsiiseef ta'uufi jiruufi jireenya qonnaan bultoota naannawa jijjiiraa jira jedhu. Duraan rakkoo daandii waan qabnuuf ijoolleefi dubartoonni yoo dhukkubsatan ofii isaanii baatanii Ambo geessaa turuu himanii, sababuma kanaan dhukkubsataan daandiirratti lubbuu dhabaa turuu yaadachiisaniiru.

Ijaarsi Pirojektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii garuu tajaajila daandii asfaaltiifi ibsaa akka argannu nu taasisera kan jedhan Obbo Tashaalaan, yeroo ammaa dhukkubsataa keenya konkolaataadhaan gara mana yaalaatti geeffachaa jirra. Pirojektichi dukkana keessaa ifatti nu baasee addunyaa haaraa nu agarsiise jedhu.

Ittigaafatamaan Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Wancii Obbo Alamuu Dhaabasaa akka jedhanitti, Pirojektiin Ikoo Turizimii Haroo Wancii hawaasa aanichaa keessumaa dargaggootaaf faayidaa guddaa qaba. Ijaarsi pirojektichaa dargaggootaaf carraa hojii bal'aa fidee dhufeera. Pirojektichi yeroo ammaa dargaggoota 540 oliif carraa hojii uumee jira. Dargaggoonni kunneen gurmaa'anii damee hojiilee gara garaarratti hirmaataniiru. Pirojektichi gara fuulduraattis carraa hojii bal'aa uumuu danda'a.

Dargaggoo Buzunaa Addunyaa dargaggoota hojii ijaarsa pirojekticharratti hirmaataa jiran keessaa tokko. Hojii ijaarsa pirojektichaa erga jalqabee waggaa tokko ta'uu kan himu dargaggoon kun, pirojektichi dargaggoota naannawichaa biroofis carraa hojii bal'aa uumeera. Pirojektichi jiruufi jireenya hawaasa naannawichaa jijjiiruu keessattis gahee guddaa kan qabu ta'uu eereera.

Pirojektichi gara fuulduraattis dargaggoota naannawichaa hedduuf carraa hojii bal'aa uuma kan jedhu dargaggoon kun, dargaggoonni naannawichaa qabeenya guddaa kana akka qabeenyaaniitti eeguufi kunuunsuurratti bal'inaan akka hirmaataniif dhaamsa dabarseera.

Jiraataa naannawa Haroo Wanciifi barataa kutaa 8ffaa kan ta'ee Silashii Shifarraa akka jedhutti, pirojektichaan walqabatee Manni Barumsaa Sadarkaa 1ffaafi Giddugaleessaa Dhimbiibaa naannawa harichaatti ijaameera. Manni barumsichaa sadarkaasaa eeggatee kan ijaameefi mana barumsaa duraan turrera daran kan nama hawwatuufi mijataa ta'uu dubbata.

Gara fuulduraattis pirojekticharraa abdi guddaa qabna kan jedhu barataan kun, pirojektichaatiin walqabatee bu'uuraalee misoomaa kanneen akka daandii asfaaltii, ibsaafi kanneen biroon ijaaramaniiru. Pirojektichi utuu hinijaaramnin dura tajaajila ibsaa ta'ee daandii hinqabnu turre. Bu'uuraaleen misoomaa pirojektichaan walqabatanii ijaaraman dargaggootas ta'ee hawaasa naannawaa fayyadamoo taasisaa jira jechuun ibseera.

Naannawaa Haroo Wancii manni barumsaa sadarkaa 2ffaa waan hinjirreef gara fuulduraatti utuu naannawichatti nuu ijaamee gaariidha kan jedhu barataan kun, yeroo ammaa barattoonni naannawaa harichaa jiraatan kutaa 8ffaa xumuran daandii dheeraa miilaan deemanii barachuuf dirqamaa jiraachuu dubbata.

Walumaagalatti hojiin misoomaa naannawa Wanciifi naannawasaatti pirojektii Ikoo Turizimii Haroo Wancii-Dandiitiin walqabatee hojjetamaa jiru fayyadamummaa hawaasaa keessumaa dargaggootaaf carraa hojii bal'aa kan baneefi banu waan ta'eef fayyadamummaa kana waareessuuf ummannis akkuma durii ammas eegumsa qabeenya uumamaatiif xiyyeeffannaa olaanaa kennuu qaba.

Abbaa Sa'aa

Magaalaa 'smart' taatetti, investimantii 'smart' ta'e dhugoomsaa kan jirtu, *Shaggar*

Bayyanaa Ibraahimiin

Agarsiisni baazaariifi foramiin investimantii 2ffaan Magaalaa Shaggar dhaabbileen damee hojii investimantiiratti bobba'an muuxannoosaanii akka waljijjiiraniif gargaaru torban darbe Finfinneetti guyyoota lamaaf gaggeeffameera.

Hojii damicharratti hojjatamaa jiru beeksisuufi walitti hidhamsa gabaa uumuuf yaadamee agarsiifni investimantii magaalichaa kun marsaa lammaffaaf kan gaggeeffame ta'uus ragaan magaalicharraa argame ni agarsiisa.

Agarsiisicharratti abbootiin qabeenyaa dameelee qonnaa, daldalaafi investimantiiratti hirmaatan 70 ol hojiisaanii kan dhiheessan yemmuu ta'u, foramiin investimantii kun gaggeeffamuunsaa bu'aalee hojiisaanii beeksifachuuf carraa kan uumeef ta'uu namootni hojiisaanii saganticharratti dhiheeffatan ni dubbatu.

Sagantaa kana fakkaatuun carraa argatee bu'aa hojiisaa iddoo sanatti dhiheessuu danda'usaatti hedduu kan gammadu ta'uu hojii hodhaafi dhiheessii uffata aadaarratti bobba'ee hojjachaa kan jiru Dargaggoo Hundeessaa Mul'isaa, kanaan dura uffata aadaa Oromoo iddoo akkanaatti dhiheessuun hafee uffatanii adeemuufii kan nama shakkisiisuufi reebisu ture jedha.

Yeroo ammaa garuu carraa jijjiirama kana booda argameen dhokatanii uffachuun hafee agarsiisota guguddoo akkanaarratti uffata aadaa Oromoo dhiheessuu danda'usaattis gammachuu guddaa akka qabu dubbata.

Akka yaadasaatti; uffata aadaa fudhannee dhufne gurguruu caalaa uffanni aadaa Oromoo kun akkasitti dirreerratti Finfinnee walakkaatti gurguramaa jiraachuunuu injifannoo guddaafi bu'aa maallaqaan achirraa argamu caaluudha.

Fedhiin namootni uffata aadaa bitachuufi uffachuurratti qabanis yeroorraa yerootti dabalaa kan dhufe yemmuu ta'u, tanaan dura garuu yeroo ayyaanaafi wantootni akkasii jiran qofa uffatamaa turus walga'ii guyyaa tokkoofi sanaan ala akkuma fedhii namootaatti sagantaawwan biraatiifis fayyadamuu eegaluun namoota hojii hodhaafi daldala uffata aadaarratti hirmaataniif carraa guddaa kan uumeedha.

Iddoo qaamotni hojiiwwan gara garaarratti bobba'aniifi omishasaanii fidanii dhufan kanatti hirmaachuun carraa walitti hidhamsa gabaa kan banuufi walittidhufeenya hojii daldalaafi misooma investimantiiratti bobba'an cimsuu keessattis shooraa olaanaa kan bahatu ta'uu dargaggoon kun ni ibsu.

Agarsiifni investimantii akkasii qophaa'uun bu'aa gama gurgurtaatiin argamuun cinaatti uffata aadaa Oromoo saboota birootti beeksisuudhaan akka fayyadaman taasisuufis sagantichi shooraa olaanaa kan taphatu ta'uu dubbata.

Shaggar carraa investimantii bal'aa qabu fayyadamtootaaf akkasitti beeksisuunsaa carraa investimantii magaalichi qabu



beeksisuun cinatti bitattootaafis carraa gaarii kan uumu ta'uu kan himan immoo hirmaataan sagantichaafi meeshaalee agarsiisarratti dhihaatan bitachuuf kan argaman Obbo Qanani Badhaadhaati. Isaanis bitattootaafis bu'aalee omishaa gatii madaalawaa ta'een akka argatu waan dandeessisuuf faayidaan inni gama lamaaniinuu qabu olaanaa ta'uu dubbatu.

Agarsiifni Igziibiishinii akkanaa biyya keenyatti hedduu waan barame natti hinfakkaatu jedhanii, haa ta'uu malee agarsiifni akkanaa kun magaalaa Shaggariitiif carraa investimantii bal'isa, investaroota dameelee garaa garaarratti hirmaachuu barbaadaniif iddoo sanatti argamanii carraalee jiran ilaalanii filachuudhaan akka itti galaniif gargaara akkasumas fayyadamtootaafi bitattootaaf immoo iddoo kanatti argamuun bu'aalee omishaa gatii madaalawaa ta'een akka argataniif carraa kan isaaniif bal'isuudha.

Abbootiin qabeenyaa carraa investimantii jiran adda baasanii hubachuudhaan gabaa haaraa keessa akka galaniif carraa guddaa kan uumu agarsiisni investimantii kun, hudhaalee damee investimantii keessatti mul'atan furuudhaafis akka of ilaalleetti kan gargaaruudha jedhu.

Dameen investimantii Shaggar hundeeffama magaalattiitiin duratti hordoffiifi to'annoo barbaachisu kan hinqabneefi babal'ina investimantii seeraan alaatiif saaxilamee kan ture ta'uu kan himan immoo Kantiibaa Ittaanaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Obbo Guyyoo Galgalooti. Erga magaalichi hundeeffameen booda garuu hojii jalqaba damee investimantii kanarratti hojjatame hojii adeemsa ture lagatuufi gara hammayyeessuutti ceessisu akka ture dubbatu.

Kenna tajaajila hojii investimantii dabalatee hojiiwwan hundi gara dijitaalawaatti

akka galan taasifamuu kan himan Obbo Guyyoon, kanaan hojiin investimantii kamuu haala kamiin hojjatamaa akka jiru kantiibaan magalattii biiroo isaa keessa taa'ee bilbilasaatiin akka hordofuuf carraa uumuusaa ibsu.

Akka ibsasaaniitti; carraan investimantii magaalaa Shaggar qabu hundi websaayitii magaalichaa irratti tarraa'ee waan jiruuf abbootiin qabeenyaa kamuu osoo qaamaan dhufuun isarraa hineegamne karaa websaayitiitiin filannoowwan jiran ilaaluudhaan gara hojii investimantii barbaadeetti galuu akka danda'uufis carraa uumeera.

Agarsiifni hojiiwwan investimantii kun dhaabbileen hojii daldalaatiif investimantiiratti bobba'aniifi jiran muuxannoo dameewwan garaa garaa irratti horatan akka waljijjiiraniif carraa gaarii kan uumu yemmuu ta'u, sanaan booda immoo sagantaan marii agarsiisichaan booda gaggeeffamu rakkoolee damichaan walqabataniifi mul'atan akka ka'aniifi qaamota dhimmi ilaaluunis deebiin akka irratti kennaman kan taasisuudha.

Dabalataanis yaadotaafi komiiwwan damee investimantii irratti ka'an bu'uura taasifachuudhaan hojiiin to'annoofi hordoffii cimaa ta'e akka diriiriifu kallattiin kan irratti kaa'amuudha.

Akka bulchiinsa magaalaa Shaggariitti torbee lama lamaan hojiiin investimantii magaalattii kan madaalamu yemmuu ta'u, kana qofaa osoo hin taane qaamaan gadi bu'amee iddoo investimantiin itti gaggeeffamuttis wanti hojjatamaa jiru qabatamaan kan ilaallamu ta'uus Obbo Guyyoon ni ibsu.

Sirni hordoffii kanaan dura laafaa tures yeroo ammaa hojiiwwan qabatamaa dame investimantii irratti hojjatamaa jiraniifi

keessattuu gara teknoloojii ammayyaatti akka galamu taasifamuusaatiin yeroo ammaa cimaa jiraachuus ni dubbatu.

Hojiiwwan gama bulchiinsa magaalattiitiin hojjataman kun hundi bu'aqabeessummaa dabaluuudhaan faayidaan akka biyyaatti damee kanarraa argamu akka dabaluu taasisu yemmuu ta'u, kanaaf immoo hojiiin deeggarsaa kan mootummaa qofa osoo hintaane, kutannoon abbootii qabeenyaa karaa seeraan hojjataniifi badhaadhuu barbaadaniis barbaachisaadha.

Agarsiisni daldalaafi investimantii kana fakkaatu qophaa'uunsaa carraa dameen kun qabu beeksisuu bira darbee hanqina yeroo ammaa damicha muudachaa jiru adda baasuuf barbaachisaa ta'uu kan himan immoo Ministira Indaastirii Obbo Malaakuu Allabali. Dabalataanis sirna dorgommii hojii damichaas kan uumu ta'uus ni dubbatu.

Akka haasaasaaniitti; Hojii hojjatama kamuu keessatti hanqinni waan hin dhabamneef, hanqinni tokko immoo kan furamuu danda'u yoo barame duwwaa waan ta'eef agarsiifni akkasii kun qophaa'uun rakkoolee jiran funaananii akkaataa isaan itti furamuu danda'an irrattis kallattii kaa'uuf kan nama gargaaraniidha.

Warrootni sagantaa agarsiisaa kanarratti bu'aalee omishasaanii qabataniifi dhihaatan kunniin irra jireessaan isaanuma fooramii bara darbee irratti hirmaatan ta'anis, qulqullinni bu'aalee omishasaanii bara darbe ittiin dhihaatan sana fooyyeessanii waan dhiyaataniif garuu jajjabeeffamuu qabu.

Walumaa galatti; fooyya'uun qulqullina bu'aalee omishaa kun akkanumatti kan dhufe osoo hintaane, kutannoofi dorgommii cimaa gidduusaaniitti uumameen waan ta'eef foramiwwan akkanaa cimaniifi ittifufuu qabuun dhaamsa keenya.

Ilaamee...

Pirojektii Caakkaa: Ibsama mul'ata guddaa

Charinnat Hundeessaatiin

Hojiilee misoomaa Finfinneefi naannawashiitti adeemsifamaa jiran irra deddeebiin daaw'achuuf carraa argadheera. Keessumaa daaw'annaa baatii Hagayyaa darbe qindeessummaa Biiroo Kominikeeshinii Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa'een pirojektota guguddoo kallattii guddinaa magaalattiis ta'e Itoophiyaa agarsiisaniifi abdachiisoo kanneen akka Godambaa Adwaa Kiiloo Meetira Zeeroo Zeeroo, Wiirtuu Konveenshini Idiladdunyaafi Agarsiisaa Addis mil'adheera.

Akkasumas Wiirtuu To'annaa Tiraafikiifi Biiroo Geejibaa Finfinnee, Wiirtuu Misoomaa Hayyoomaa Beeladaa (Pirojektii qonnaan bulaafi jiraattota magaalaa walittifroomseefi walittihidhe), Wiirtuu Buddeena Lammii (pirojektii buddeena golaa gara warshaatti jijjiire), daandiiwwan haaraa hojjetamaa jiran, wiirtuu omishaaleen qonnaa ittikuufaman, gurguramaniifi naannawa Ayaatitti argamu (pirojektii agarsiistuu waa uumuufi saffisuu)fi kkfn qaama daaw'annichaa turan.

Sagantaa daaw'annaa Waajjirri Ministira Muummee Mudde 16fi 17 bara 2016 pirojektota guguddoo Finfinneetti hojjetamaa jiranirratti gaazexeessitootaaf qopheesserrattis qooda fudhadhee waanin yaadannoo koofi sammuutti qabadhe akka ittaanuttin isin dubbisiisa.


Daaw'annaa guyyaa jalqabaatiin manneen lammiiilee harkaqaal'eeyyiif naannawa Daalattii (Araat Kiiloo) bakka addaa Abuwaaree jedhamutti ijaaramaa jiru, (Masaraa Biyyaalessaa hojiin haarsaasaa adeemsifamaa jiruufi ji'oota lamaa/sadii keessatti xumuramee daaw'attootaaf banaa ta'u), daandii qaxxaamuraa karaa fuuldura Hoteela Sharaatan Addis gara Masaraa Guddicha geessurratti hojjetamaa jiru, misooma lageeniifi qarqara lageenii Finfinnee kaka'umsa Ministira Muummee Abiyyi Ahmadiin (PhD) hojjetamaa jiru akkasumas pirojektii Godambaa Adwaa Zeeroo Zeeroo mil'atame.

Guyyaa lammaffaatiin ammoo bakka ijaarsi "Window of Africa" jedhamu ittigageeffamu (naannawa qubata xiyyaaraa Boolee), daandii irraa jalaa naannawa Garjiitti hojjetamaa jiruufi Pirojektii Guddicha Caakkaa jedhamu akkasumas, riqicha guddicha kutaalee Magaalaa Aqaaqii Qaallittiifi Boolee walqunnamsiisutu daaw'atame. Riqichi kun sadarkaa guddinaasaatiin biyya keenyatti riqicha Abbayyaatti aanee isa lammaffaa ta'uus wayituma kana odeeffanneerra.

Dhimma biraa oggaa daaw'annaan kun adeemsifamu taajjabne, namatti toluufi muuxannoo gaariin iddoowwan kaanittis babal'achuu qabu waa'ee magariisummaa jidduufi qarqara daandiiwwaniiti.

Gaafa daaw'annaa sana Daalattiidhaa kaanee hanga Boolee-daandii Qaallattii, Tulluu Dimtuu-Koyyee Faccee, Aqaaqii Qaallittii-Boolee Bulbulaa geenye deebinutti daandii jidduufi qarqarrisaa haala namatti toluun magariisummaa uffatanii mul'atu.

Ani waanin daandiiwwan kanneen sagantaa daaw'annichaatiin ilaaleefin cere malee ammaan tana Finfinnee kallattii (koniidarii) kamiinuu yoo deemame miidhagina daandiiwwaniifi qarqarasaaniitiif xiyyeeffannaa olaanaan kennamee hojjetamaa jiraachuu waan hunduu argaa bira darbuufi ooludha.



Keessumaa jidduun daandii Dolol'oo Buddeenaatii (Addababa'ii Masqalaa) gara Buufata Xayyaaraa Boolee geessu haala addaafi xiyyeeffannaa olaanaadhaan misoomfamaafi miidhagfamaa jira. Akka odeeffannetti hojiin miidhagsuufi misoomsuu daandichaa guyyaa otoo hintaane halkan hojjetama; sababiin kanaas guyyaa dhangala'ina tiraafikiirratti dhiibbaa akka hinuumamneef yaadameeti.

Daandiiwwaniifi iddoowwan ciccittuun jiddugaleessa Finfinneetti argaman xiyyeeffannaadhaan akka misoomaniifi Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) akkuma pirojektota kaanii keessumaa halkan akka hordofaniifi kallattii kennanis hubanneerra. Misooma magariisaa walakkeessaafi qarqara daandii kanaan imaltoota lafoofii saayikiliifis xiyyeeffannaan kennamee hojjetamaa jira.

Hojiilee abdachiisoo gareen gaazexeessitootaa qaamaan argamee daaw'ateen ala manni barnootaa bultii qarodhabeeyyiifi wiirtuun haaromsa dubartoota sababoota adda addaatiin miidhamanii, akkasumas istaadiyemiin Aqaaqii altokkotti namoota kuma 25 qabatu koriidarii Aqaaqii-Qaallittiitti ijaaramaa jirurrattis ibsi kennameera.

Kana malees ijaarsi Istaadiyemii Aday Ababaa sababoota adda addaatiin addaan citee tures tattaaffii mootummaan federaalaa taasiseen hojiinsaa ittifufee akka xumuramuuf waliigalteen raawwatamuus daaw'achiistuun keenya, Waajjira Ministira Muummeetti Ministirri Dhimmoota Kaabinee Aade Alamtsahaay Phaawuloos ibsaniiru.

Pirojektii misooma lageeniifi qarqara lageenii Finfinnee walta'iinsa mootummaa Chaayinaatiin hojjetamaa jiruun laga fooliinsaa xiraa'aa ture miidhagsuu Paarkiiwwan Inxooxoofi Michummaatiin walqunnamsiisuuf hojjetamaa jira. Hojii kanaan eegumsa naannawaafi hawaasaaf xiyyeeffannaa olaanaan kennameera.

Kana maddiitti misooma daandii Qaallitti ijaarsisaa waggootaaf harkifachaa ture; Pirojektii Caakkaa yaada Ministirri Muummee biyyattii maddisiisaniin lafa bal'innisaa heektaara 503 irratti hojjetamaa jirus daaw'atameera.

Iddoon pirojektii Caakkaa ittihojjetamaa jiru daran guddichaafi bakka waan uumaan dhimmuma kanaaf akka mijatuuf miidhagsee uume fakkaata. Amma waanuma xiqqaatu eegalame. Hojichi dhaloota dhufaa darbuun hanga waggoota 500tti kan ittifufudha. Hojii har'uma jalqabamee har'uma xumuramu miti jechuudha. Pirojektii bifa ismaarti siitiitiin

hojjetamuudha. Pirojektii Caakkaa hoteela abbaa urjii torbaa, dirree al tokkotti hanga namoota kuma 200 qabaatu, fincaa'aa, bakka irra dhaabatanii Finfinnee kallattiilee hundaan daaw'ataniifi meetira 21 dheeratu danaa arkiitiin hojjetamaa jiru, bakka aaragalffii, restoraantii, kuduraafi muduraa akka appiliifaa, iddoo magariisaafi kanneen biroo qaba.

Hojiin pirojektichaa marsaa jalqabaa kun misooma magariisaatiif iddoo olaanaa kennee hojjetamaa jira. Daandii Inxooxoora kaasee gara Kotobee geessus qaama pirojektichaati.

Imaltoonni kallattii kaabaatiin dhufan otoo Finfinnee hinseeniin achumaan gara buufata konkolaataa Laambarat dhaqu jechuudha. Hojiin pirojektichaa baatii Eblaa darbe jalqabame. Daandii bal'aan Maganaanyaa gara pirojektichaan geessus gartokkeen hojjetamee inni hafes si'aayinaan hojjetamaa jira.

Daaw'annichaan pirojektionni guguddoon miidhagina magaalattii dabalaa si'aayinaafi qulqullinaan hojjetamaa jiraachuu kan hubatame yoo ta'u, keessumaa hojiin misooma bu'uuraa daandii haala nama ajaa'ibsiisuun ijaaramaafi miidhagfamaa jiru akka fakkeenyaatti kan eeramudha. Pirojektionni misoomaa hojjetamaa jiran dadammaqiinsi dinagdee akka uumamu gochuu maddiitti haala magaalaa naannawaa jijjiiruudhaan waan guddaa gumaachaa jiru; muuxannoo Finfinneetti eegalame kun gara magaalota biyyattiitti babal'atee hojiirra oolaa waan jiruuf.

Daandii haaraa Buufata Qubata Xiyyaaraa Boolee gara Pirojektii Caakkaa geessu hojjetamaa jira. Daandii kun ammaan tana bakka Maganaanyaa jedhamurraa kaasee hanga tulluu Eekkaatti hojjetamaa kan jiruudha. Pirojektii Caakkaa jiddugala magaalota Finfinneefi Shaggaritti hojjetamaa kan jiruudha.

Daandii guddicha Maganaanyaa kaasee gara pirojektichaa geessurra manneen gandaatu baay'inaan ture. Jiraattota naannawicha turaniif bakki mijataan kennameeti kan kaafaman. Daandichi bitaan mirgaan bal'ina meetira 46 qaba.

Pirojektii kun, kutaa magaalaa Eekkaatti aanaalee 2, 3, 5, 9, 10fi 11; kallattii kaaniin Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa, kallattii kaabaatiin irrajireessaan Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Akaakoo keessatti hojjetamaa kan jiruudha. Daandii guddichi kallattii kaabaatiin ykn karaa Sulultaa qaxxaamuraan

gara Kotobee geessis saffisaan hojjetamaa jira. Ijaarsi manneen jireenyaa pirojekticha keessatti eegalame jira. Bakka dhaabbii konkolaataas qaba. Iddoowwan aaragalffii lafa hektaara 20 irratti ijaaramaa jira. Horri namtolcheenis kan uumamaa fakkeeffame hojjetamaa jira.

Pirojektii hojjetamaa jiruun sararri elektirikii, bilbilaa, bishaaniifi dhangala'aa bakkuma tokkotti iddoon waan qophaa'eeffii lafti kanaaf qotamu, wadaroon ykn funyoon qilleensa diriiru hinjiru. Hunduu qindaa'ee bakka qophaa'eeffitti yerumaan galeera.

Pirojektichi daandiiwwan 18 kan qabu yoo ta'u, kanneen keessaa torba xumuramanii tajaajila kenna jiru. Moorichatti harka 100 keessaa 10n qofti ijaarsaaf kan oolu yoo ta'u, harki 90 duudhaadhumasaa ganamaa ykn magariisummasaa qabatee kan ittifufudha.

Bakka uumaan ganamuma bareechee uume kanatti misooma waaraa milkeessuuf bosona ciruu otoo hintaane kunuunsuutu mul'ata. Hojiilee baay'een dhaabbilee dhuunfaatiin hojjetamu. Kutaan qonna ammayyaas ni jira. bakkichi qilleensa qulqulluu bosonaa dhamdhamuu nama dandeessisuun of eeggannaa cimaadhaan hojjetamaa jira. Hojichi akka addunyaatti Itoophiyaan eessa akka jirtu, garamittis arreedaa akka jirtu sirriitti kan agarsiisuudha.

Pirojekticha hojjechaa kan jiran ogeessota Pirojektii Wancii-Dandii haala miidhagaadhaan ijaaranii xumuraniidha. Hojjettoonni pirojektichaa waraabessaa halkaniifi qorra tulluurraa wajjin wal'aansoo walqabaafi walddhiibaa sa'aatii 24:00 hamilee guddaadhaan hojjetaa jiru.

Bitaa mirga daandii marga dafee qaqqabu dhaabuudhaan akka gaariitti miidhagsaafi magariisa uwwisaa jiru. Hojiisaanii keessatti kalaqawwan adda addaatu mul'ata. Kanaan hojiin ji'a tokko keessatti hojjetameefi jijjiiramne mul'ate daran ajaa'ibsiisaadha.

Bakka kanatti aadaan hojiis daran jijjiiramusaati kan mul'atu. Karaa daandii baasuuf qotame bitaa mirgisaa akka lolaadhaan hindhiqamneef waanti dargaggoonni hojjetaa jiran gumaacha olaanaa qabaata.

Milkaa'ina hojichaatiif hunduu akkuma dandeettiifi ogummaasaatti ashaaraasaa kaa'uu qaba. Keessumaa miidiyaan pirojektii Caakkaa kana dabalatee olola afarfamu dhabamsiisuun dhugaa jiru qaaccesani ummata biraan gahuun gumaachasaanii sirnaan bahachuu qabu.

Akkuma hundi keenya dhaga'aa turre pirojektii agarsiistuu mul'ataa guddaa ta'e kana ilaalchisee masaraatu ijaaramafaa jedhamee oolli odeeffamaa ture laayyoo waan hintaaneef dhugaa lafa jiru ibsuurratti xiyyeeffatanii sirnaan hojjechuu qabu.

Raawwachiistuun hojii Kutaa Magaalaa Boolee Aade Alamtsahaay Shifarraa daaw'annaa guyyaa jalqabaarratti garee gaazexeessitootaa kanneen naannawa riqicha guddicha kutaalee magaalasaaniifi Aqaaqii Qaallitti walqunnamsiisutti dhangaawwan aadaa Oromoo cororsaa, cukkoo walumaagalatti maaddii guutuudhaan haala namatti toluun simatanii, nyaachisaniifi obaasani gaggeessaniiru. Kanaan miseesota garichaafi daaw'achiistuu keenya, Aade Alamtsahaay Phaawuloosiin dinqisiifannaa guddaafi galanni dhiyaateeraaf.

AADAIFI AARTII

“Qilleen ayyaana abaarsi seexanaa dhala namaarra ture itticabeedha”

- Luba Kitilaa Balaay Mokonnnon

Waasihun Takileetiin

Ayyaanni Qillee bifa amantaanis aadaanis waggaa waggaa kan kabajamu yoo ta’u, guyyaa abaarsi uumamarra ture itti cabe walabummaan ittimirkanaa’e waan ta’eef waaqaaf galata, lafaaf nageenya gooftaan nuu dhalate ergaa jedhu kan of keessaa qabuudha jedhu Lubni Kitilaa Mana Amantaa Ortodoksii Itoophiyaa Balaay Mokonnnon.

Lubni Kitilaa Balaay Mokonnnon turtii addatti ayyaana Qillee ilaalchisuun Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin dhalli namaa gabrummaa abaarsa seexanaa jalaa bara kuma shanii ol jalaa dhalachuu Gooftaa Keenya Yesuus Kiristoosiin bilisa bahuu sababa godhachuun ayyaanichi bifa ho’aan waggaa waggaa kan kabajamuudha jedhu.

Qilleen ayyaana bilisummaati kan jedhan Lubni Balaay, aadaafi amantiin walkeessa kan jiru waan ta’eef bifa hafuurawaanis ta’e bifa aadaatiin ayyaanichi kabajamuu kaasu. Manneen amantaa alatti dargaggeessiifi gaheessi dirreetti bahanii tapha Qillee taphatu, yeroo tikseenillee burraaqanii ittitaphataniidha.

Dhalachuu Yesuus Kiristoos hordofee Gooftaan nuu dhalate, araari nuu bu’e, gabrummaan cabe, tokkummaan nuu dhufe jechuun dhalli namaa kaaniifi tikseen waliin faarfataniiiru kan jedhan Lubni Balaay, injifannoon hundaaf waan ta’eef dacheetu gammade jechuun ibsu.

Ayyaanichi ayyaana walabummaan uumamaa ittimirkanaa’e, addunyaaf ifni ittibahe waan ta’eef mana amantaa Ortodoksii Itoophiyaafi kiristaanota biratti sirriitti kan kabajamu yoo ta’u, gama aadaanis bifuma walfakkaatuun sirritti kabajama.

Dhalachuu Yesuus Kiristoos hordofee ergamoonni Sabasagalooni kenna libaanata, karbeefaa qabatani bakka Yesuus Kiristoositti dhalate dhaqaniiru, kunimmoo gammachuu argatan sana ittiin ibsachuuf kan yaadameedha.

Yoo gara aadaatti dhufnee ilaalles aadaafi amantaan walitti hidhamaadha kan jedhamus yoo kan walhinfallessine ta’eedha jedhanii, Qilleen karaa hafuura mana amantaa Kiristaanaa keessatti bifa aadaatiinimmoo haalota garagaraatiin kabajama.

Kanamalees ayyaanichi maqaalee gara garaan jechuunis Qillee, Jaarii Dallaafi kan biroon kan wamamu yoo ta’u gochoonniifi duudhaaleen ayyaanicharratti gaggeeffaman kan walfakkaataniidha.

Yesuus Kiristoos dallaa loonii keessatti dhalate jedha wangeelli. Haluma kanaan yoo gara aadaatti dhufnee ilaalles dallaa looniirra jiidhawwan gara garaa muranii ijaaruun, marqaa marqanii mijuu qabatani tokkummaan dhandhamuun



gammachuusaanii ibsatu.

Taateewwan aadaafi mana amantaa keessatti kabaja ayyaana Qillee sababeeffachuun gaggeeffaman kan walhidhan waan ta’aniif bakkeewwan lamaanittuu kabaja guddaa kan qabuudha.

Walabummaa addunyaan dhalachuu Yesuus Kiristoosiin argatte harqoota gabrummaa seexanni dhala namaarratti baroota dheeraaf fe’ee ture kan itti cabeedha. Kanaaf yeroo ifaa, jaalalaa, tokkummaafi dhiifamaati jedhan.

Manni amantaa Ortodoksii Itoophiyaas ta’e kan addunyaa ayyaanichaaf ulfina guddaa qabu kan jedhan Lubni Balaay, araara, walkabajuu, waljaalachuu kanamalees yeroo kennaawwan garagaraa waliif kennuun gammachuu waloo itti dhandhamaniidha jechuun ibsu.

Ayyaanicha ilaalchisuun abbootii amantaarraa nagaa labsuu, dhaloota eebbisuu, kan wallole araarsuu, kanneen rakkatan gargaaruu, kanneen hidhaman gaafachuun dirqama manni amantaa isaanitti kenneedha.

Gammachuun ayyaana kanaa kan mana amantaa kiristaanaa qofa miti kan jedhan Lubni Balaay, kan uumama dachee hundaa guyyaa bilisummaansaani ittimirkanaaheefi harqoonni gabrummaa seexanaa itti cabe waan ta’eef guyyaa addaati jechuun eeru.

Akkuma Sabnisagal dhalachuu gooftaa hordofanii kenna fudhatanii deeman gama aadaanis ayyaanichi maqaa garagaraa haaqabaatu malee duudhaa mana amantaa keessatti gaggeeffamuun garaagarummaa waan qabu miti.

Keessumaa Oromiyaa keessatti Qillee dabalatee ayyaanonni hedduun yeroorraa yerootti kan kabajaman yoo ta’u, Oromoon hundumaa keessaa kan qabu, hammataa, duudhaafi aadaa guddifachaanis amantaan lagaan osoo hinqoodiin mara simatee jiraachisaa jira.

Oromiyaan akka naannolee biroo dachee amantiin aadaafi ayyaanni muraasa garee

tokko qofaaf agarsiistuu ta’ee tajaajilu osoo hintaane naannoo sabdaneessaa hordoftoonni amantiilee gara garaa keessa jiraatan waan taateef fakkeenya gaariidhaan kan kaatudha.

Abbootiin amantaa soogidda biyya lafaati nagaa labsu, araara, tokkummaa jaalala labsu kun ergama Waaqni tokkichi nutti kenne waan ta’eef gaarummaa jaalala labsuun barbaachisaadha.

Gabaabaatti ayyaana hordofanii kabajuu qofti gahaa waan hintaneef ajajoota kurnan hammachuun jaalala gammachuu, araara dhiifama labsuun afaaniin qofa osoo hintane gaarummaa qabatamaan hojiin agarsiisuun murteessaadha.

Hamma kana hintaanetti faallaa qajeelfama mana amantaa deemanii ajajawwan kurnan diiguun amantichaaf kabaja kennuu dhabuu ykn beekumsa hafuura gadi fagoo ta’e qabaachuu dhabuu agarsiisa.

Tibbana Phaaphaasiin tokko addababa’iitti bahee oggaa geggeessaa biyyaa, Ministira Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) abaaru, “Ajjeesaa, ganaa, didaa nurraa kaasaa” jedhee dubbatu dhagahameera. Warri akkasii abbaa amantaa osoo hintaane nama siyaasaati jechuun ibsan. Mana amantaa keessatti hojii hafuuraatu hojjetama jedhanii, walajjeesuu, waljifachuu walsakaaluu gorsuun hojii seexanaa ta’uu Lubni Balaay kaasaniiiru.

Haata’uutti faallaa duudhaa mana amantaa deemanii abaarsa lallabuun sirrii miti ykn duudhaa ayyaana Qillee miti. Sagaleen Waaqayyoo nageenya malee hamaa hinlabsu. Abbootiin amantaa duudhaa amantii abboommii kurnan eeguufi eegsisuu, addunyaaf, mootummaaf, uumamaaf kadhachuudha malee mootummaa abaarsaan angoorraa buusuuf aboon hinkennimeef jedhan.

Mormitoota angootti fiduufis mootummaa angoorraa buusuunis hojii abbootii amantaa miti. Kanamalees gama aadaanis ta’e hafuuraatiin faallaa duudhaa amantaa kiristaanaati kan jedhan Lubni Balaay, gaheen abbootii amantaa kan dhibameef, kan dhukkubsateef, kan rakkateef, mootummaaf, fayyaaf, nageenya biyyaaf, kadhachuu amantoonimmoo waan qabaniin walgargaaruun gammachuu waloosaanii guyyaa itti dhandhamaniidha malee kan itti wal abaaran miti jechuun ibsan.

Duudhaan amantii kiristaanaa siyaasa lallabuu osoo hintaane sagalee dhugaa lallabuudha mootummaa gadi xiqqessuu, paartii morkataa siyaasaa aangessuuf yaaluu hinhamatus jedhan.

Abbootiin amantaa siyaasaafi wangeelli walkeessa jalaa ta’e dhaabatanii of ilaaluun, seera mana amantaaf abboomamuu, akkaataa gorsa mana amantaan hogganamuun fala ta’uus kaasanii jiru.

Kiristaanummaanis ta’e amantaan kamuu nagaa labsa. Ministirri Muummee keenyas

guyyaa angootti dhufanii kaasanii tokkummaafi jaalalaa araaraafi obbolommaaf kabaja kan kennan ta’uusaaniin Sinodosii bataskaana Ortodoksii biyya keessaafi ala jechuun lamatti walqoodamee ture akka walitti araaraman godhaniiru jechuun yaadachiisan.

Sinodosiin kunniin lamaan yeroo torba torba wal abaaranii yeroo dheeraaf adda bahanii turan kan jedhan Lubni Balaay, shoora dhiifamaafi araara isaan taphataniin araari bu’uuraa, tokkummaan sinodosiis deebi’eera, isa kanaafimmoo abaarsa osoo hintaane kabajatu malaaf jechuun ibsan.

Sooma keessa taa’anii abaarsa hamaa akkasii maqaa amantaan raawwachuun duudhaafi aadaa amantichaan kan hindeeggaramne waan ta’eef amantaafi siyaasa gargar baasanii deemuun barbaachisaa ta’uu hubachiisaniiru.

Dirreen siyaasaa qondaaltota siyaasaaf dirreen hafuuraammoo abbootii amantaafi hordoftootaaf kan baname waan ta’eef abaarsa jibbaa walajjeechaa dhiisnee jaalala tokkummaa araara labsuun dirqama jedhan.

Ayyaanni Qillee faajjii abaarsi dhalootarra ture kan itti cabe araaraafi jaalalli, ifniifi walabummaan addunyaaf kan itti mirkanaahe waan ta’eef waleebbisuun waliin gammaduun duudhaa ayyaanichaa ta’uu eeraniiru.

Humna nageenyaa jiruufi jireenyasaa dhiisee walabummaabiyasaa kabachisuuf daangaarra dhaabate abaaruun naamusa kabaja mana amantaa dhiitu waan ta’eef haalichi balaaleffatamuu qaba jedhan.

Kanamalees paartii morkataa olkakaasuun eebbisani mootummaa angoorraa jirurratti kakaasuun ajjeechaa, jibba, walwaraansa labsuun hojii seexanaa waan ta’eef warreen maqaa amantaatiin siyaasa baatanii deeman akkasii qalbiitti akka deebi’aniif kadhachuufiin barbaachisaadha jedhan.

Walumaagalatti ayyaanni Qillee karaa mana amantaa kiristaanaas karaa aadaas haalota gara garaatiin kan kabajamu yoo ta’u, innis araara, tokkummaa, jaalala, waldanda’uu waliif yaaduu walgargaaruu kan dhukkubsateef araara, kan hidhameef dhiifamni mootummaafi biyyaaf nageenyi akka mirkanaa’u kadhachuufi hojii abaarsaa cabsuun kan gaggeeffamudha jechuun eeran.

Abbootiin amantas kana beekani kadhannaadhaan biyyasaaniif, lammiileesaniif, addunyaaf akka araari bu’u dura dhaabachuun ayyaana dhalachuu Gooftaa Keenya Yesuus Kiristoosiin injifannoon walabummaa argame akka cimuhoggechuun nurraa eegama jedhan.

Lubni Balaay ayyaanichi kan abaarsi itti cabu, araari itti bu’u tokkummaafi jaalalli biyyaa ittimirkanaa’u akka ta’uuf hawwii qaban ibsataniiru.



Fuulli kun walta'iinsa Ministeera Fayyaafi Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin torban lamatti altokko kan dhihaatuudha

Itoophiyaatti ji'a haadholii 18ffaafi xiyyeeffannaawwansaa

Adeemsa dhaloota ittifufsiisuu keessatti haadhummaan gaheen bakka bu'aa hinqabneedha. Haadhummaan miixatanii da'uu, kununsanii guddisuufi lafa guddaadhaan ga'uun dura tokkummaan qaama hidda handhuuraan kan itti hidhameedha.

Barreeffama har'aatiinis kennaa guddicha kana ilaalchisuun akka addunyaatti yeroo 37ffaaf, akka biyya keenyaatti ammoo yeroo 18ffaaf Amajji 1 hanga 30 bara 2016 kan kabajamu "ji'a haadhummaa fayyaqabeessa" (Safe Motherhood Month) irratti kan xiyyeeffannu ta'a.

Dhimma kanarratti Ministeera Fayyaati, Raawwachiisaa Hojii Tajaajila Fayyaa Haadholii, Daa'immaniifi Dargaggootaa Doktor Masarat Zalaalam dubbisneerra. Akka isaan jedhanitti, jiini Amajjii ji'a haadhummaa fayyaqabeessa jedhamee kan moggaafameef dhimmoota fayyaa haadholii eegsisuuf gargaaran irratti xiyyeeffachuun sosochii biyyaaleessaa taasisuuf. Kanaafis hojiiilee kanneen akka dhiiga sassaabuufi wantoota fayyaa haadholii eegsisuu dandeesisan kan itti raawwatamudha.

Jiini kun Amajjii keessa kan yaadatamuuf cidhoonni baay'inaan yeroo ittigageeffaman, taateewwan amantii baay'inaan kan ittiraawwataman ta'uusaatiin namoonni gaafa walitti qabamaniifi carraa maatii dhaabbachuu gaafa qabaatan akka beekumsa horatan yaadamee ta'uu dubbatu.

Sosochii kanaan naannoleen hundi dhimmoota fayyaa haadholii eegsisuu dandeesisan irratti hojiiilee hubannoo



Doktor Masarat Zalaalam

uumuuf kan hojjetan ta'uu eeranii, hawaasni keessattuu dubartoonni odeeffannoo akka qabaataniif xiyyeeffannoon ni kennama jedhaniiru.

Haadholiin %50 mana keessatti akka da'an ibsanii, kanaafis akka sababaatti kan kaasan odeeffannoo dhabuu, hanqina bu'uuraalee misoomaa kanneen akka daandii, bilbilaafi geejjibaa ta'uu himu. Gama tajaajila fayyaa qulqullina qabu qaqqabsiisuutiin hojiiileen eegalaman akka jiran kaasanii, kanneen cimsanii itti fufsiisuunis qaama sosochichaa ta'uu kaasuu.

Waggoota muraasa darbaniif ji'i haadhummaa fayyaqabeessi kabajamaa kan ture yaada lubbuu haadholii dhangala'uu dhiigaan du'an haa baraarru jedhuun kabajamaa

uruu kan ibsan Doktor Masarat, kanaafis sababni haadholiin dhibbantaa shantama ta'an manatti da'uun dhangala'uu dhiigaa du'aa waan jiraniif akkasumas, dhaabbileen fayyaa qophaa'uu dhabuusaaniitiin ykn tajaajilli dhiigaa giddugaleessi waan turreef ta'uu dubbatu. Kanaaf deebii kennuuf Ministeerri Fayyaa, Baankii Dhiigaafi Tishuu Biyyaaleessaa akkasumas, Ejensii Dhiyeessii Qorichaa Itoophiyaa waliin ta'uun hospitaaloonni 70 dhaabbata tajaajila dhiigaa giddugaleessaa akka qabaataniif deeggarsa qabeenyaa taasisuu himu.

Akka isaan ibsanitti, haadholiin yoo odeeffannoo qabaataniin gara dhaabbilee fayyaa deemuun barbaadanillee hanqinni geejjibaa ykn ambulaansii fedhiisaanii gufachiisa. Ministeerri Fayyaa rakkinicha furuuf naannolee waliin maallaqa walitti buusuun ykn deggarsa taasisuun ambulaansii raabsuun deggarsa taasisera. Guyyaan Haadholii Fayyaqabeessaa baranaas kan kabajamu hojiiilee dubartoota ulfaa wajjin walqabatanirratti xiyyeeffachuun ta'uufi naannolee hundis akkaataa yaada kennameen kan kabajan ta'uu eeru.

Waggoota kuman sadan darbanitti gama fayyaa haadholiitiin hojiiwwan adda addaa hojjetamuu himanii, fakkeenyaaf, akka ragaan qorannoo fayyaafi ummataafi mul'isutti ALA bara 1990moota keessa daa'imman lubbuun dhalatan kuma 100 keessaa haadholiin kuma tokkoofi 250 du'aa turan. Kana booda hojii hojjetameen duuti haadholii hir'achaa dhufuufi keessumaa bara 2005 irraa eegalee qorannoon taasifameen jijjiiramoonni ariifataoon galma'aniiru.

Manii barkumetiin, keessumaa gama du'a haadhooliifi daa'immanii hir'isuutiin Itoophiyaan waggaa tokko dursitee malii misooma waraa milkeessuushee beeksisu.

ALA bara 2016 wayita odeeffannoon qorannoo fayyaafi ummataa ifoometti ammoo daa'imman kuma 100 lubbuun dhalatan keessaa du'i haadholii gara 412tti gadi bu'eera; bu'uura tilmaama Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii bara 2017 akenneen ammoo 401tti gadi bu'uu ibsu.

Bara 2020 Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii ragaa waggoota 20 biyyoota digdama irraa walitti qabuun xiinxala adeemsiseenis Itoophiyaatti daa'imman lubbuun dhalatan kuma 100 keessaa haadholiin 267 akka du'an ibsameera. Qorannoo kun qormaatawwan kanneen akka kooviid-19, jijjiirama qilleensaafi kkf a tilmaama keessa kan galchee akka hinturre dubbatu.

Lakkoofsi kun waggaatti haadholiin kuma 10 akka du'an agarsiisa. Hammam illee Itoophiyaan du'a haadholii hir'isuurratti sadarkaa gaarii irra kan jirtu ta'us, bara 2030tti lakkoofsa kana gara 70 ykn gara 140tti hir'isuuf ammallee hojjetamaa akka jiru dubbatu.

Kanaaf "Ji'a Haadhummaa Fayyaqabeessa" baranaa hojiiwwan dubartoota ulfaarratti hojjetamanirratti xiyyeeffatanii kabajuun tattaaffii lakkoofsa du'a haadholii hir'isuuf taasifamaa jiru akka deggaru dubbatu. Bu'a qabeessummaa sochii kanaatiif haadholiin dammaqinaan akka hirmaataniifi qooda fudhattoonnis waan isaanirraa eegamu akka ba'atan waamicha dhiheessu.

"Amantoonni hundi ..."

boriif hojjechuu ni dandeenya. Kaleessi har'aafi boriin keenya dukkaneessuu hinqabu. Irraa barannee har'a akka hintaaneef ittigaafatama keenya ba'u qabna.

Kanarratti amantoota qofa osoo hintaane ummanni biyyattii hundi hojii nageenyaa hojjechuu qaba. Hayyoonni siyaasaas wantoota walitti nu buusanirra kanneen walitti nu fidan yoo nutti himan yeroo gabaabaa keessatti nageenyi keenya deebi'uufi hiyyummaa keessaa ba'uu dandeenya.

Ergaawwan gara walitti bu'iinsaatti nu geessanis dhaga'uu hinqabnu. Ollaafi qomoo ofii ajjeesuudhaan nagaa ta'uun hindanda'amu. Lammiilee biyya tokko keessa jirruuf mitii nageenyi biyya ollaa keenyaa nuuf nu barbaachisa. Yoo isaan nagaa hintaane rakkoonsaanii nu hanqatu.

Ani ummanni Itoophiyaa qajeelaadha jedheen amana. Ummata barootaaf amantiidhaan jiraate ta'uunsaa waan fayyade natti fakkaata. Utuu ta'uu baatee akkaataa namoonni tokko tokko dubbatanittifi olala waraanaaf kakaasaniin utuu ta'ee, ummatici silaa hanga yoonaa walfixeera. Garuu gargaarsa Waaqayyoo hubannaa ummataatiin har'a akka biyyaafi ummataatti jirra.

Ammas kan nu fayyadu kana. Haadholiin boo'uu hinqaban, daa'imman haalaan guddachuu osoo qabani godaansaan dararamuu hinqaban. Maanguddoonni bara dullumasaanii osoo gaggeessaan nagaa taasifamuufi qabuu rakkachuu hinqaban. Kanaaf ummanni hundi kana hubachuun waan walitti nu buusu dhaggeeffachuura waan walnu jaallachiisu haa dhaggeeffannu, isas haa taasisu. Biyyi nuti qabnu nurra darbee kan biraaf waan ga'uuf waan irratti wal lolu qabaachuu hinqabnu.

Bariisaa: Kanaan walqabatee, haasaan tibbana abbaan amantii tokko bakka amantoonni argamanitti taasisa miidiyaa hawaasaarra deema jira. Haasaa ummanniif humni waraanaa mootummaarratti akka ka'an kakaasu. Kana akka abbaa amantiifi barreessaa kaawunsiliitti akkamiin ilaaltu? Siyaasniifi amantiin sadarkaa kanaan walmakuun sirriidha jettuu? Ummannihoo wantoota akkanaa akkamiin ofirraa fageessuu qaba jettuu?

Luba Darajjee: Akka abbaa amantiitti furmaata fiduuf tokko deggarani tokko mormuun rakkisaadha. Yoo kana ta'e jaarsummaafuu hintolu. Gaggeessitoota hafuura yoo taane madaallii keenya dabsuun nurra hinjiraatu. Nuti isa wal dhabe araarsuu malee, tokkoratti dabalannee tokko jibbuuf hinteenye.

Nuti akka warra wangeelaattis barsiifata akkanaa hinqabnu; cimsinees mormina. Nama luba, paastarii, abbaa wangeelaafi moggaasa biraa qabaate tajaajilu mitiiti amaanillee nagaa labsuu qaba. Akkuma wangeelli "abaarsi afaan keessan keessaa hinba'ii" jedhu eebba malee abaarsi afaan keessaa ba'uu hinqabu. Haala kanaan furmaanni dhufu hinjiru. Kana seenaadhuma mataa keenyaarraa haa barannu. Mari'achuun isa amma hiikamuu danda'u hiikaa, isa yeroo barbaadu bulfachaa deemuuta barbaachisa.

Gochaa akkanaa kaawunsiliin keenyas cimsee balaaleeffata. Abbootiin amantii gama hundaanuu namni miidhamu lammiikooti jedhanii yaaduun gara furmaataatti fiduuf hojjechuu qabu. Osoo nageenyaan xumuruu dandeenya humna hojjetee biyya guddisuufi itti fufsiisuu danda'u karaatti hambisuuf sababa ta'uu hinqabnu. Ogummaafi falaasama biraa barbaannu hinqabnu, hubannaatti

dhufnee mari'achuuta nurra jira. Wantoota miidiyaa hawaasummaarra deeman dhaggeeffachuun miira keessa seennee madaallii sirrii hintaane kennuurra faayidaasaa madaallee ilaaluu qabna.

Maal nuu fide dhufa isa jedhu adda haa baafannu. Ani akka dhuunfaakootti wantoota akkanaarratti yerookoo balleessuurra jilbeenfadhee Waaqakoo kadhachuu naa wayya. Kanaaf abbootiis ta'e amantoonni afaan nama araarsu malee nama walitti buusu qabaachuu hinqabnu.

Bariisaa: Egaa bor Guyyaa Yaadannoo Dhalachuu Yesuus Kiristoostu kabajama. Mee amantoonni guyyicha akkanuma kabajani dabarsuu qofa osoo hintaane haala addaan akka dabarsaniif maal gochuu qabu?

Luba Darajjee: Hunda dura Waaqayyoo guyyichaan nu gahe kan galateeffame haa tahu. Wanti ijoon guyyaa dhalootaa kanarraa barannu, Waaqayyoo sababa cubbuutiin ilmaan namaa wajjin wal lolee ture. Kanaan dhalii namaa iddoo kabajasaarraa ba'e. Bakka kabajasa kanatti immoo ofiisaatiin deebi'uu hindandeenye. Kanaaf Waaqayyoo jaalala ajaa'ibsiisaa dhala namaaf qaburraa kan ka'e, namni uumaa bifasaatiin uumee hafuurasaa ittibaafate waan ta'eef jaalala waan qabuufiif ilmasaa tokkicha qoricha godhee ergeef.

Kanarraa jaalalasa qofa osoo hintaane, kan miidhame, abboommiisaa eegamuu dhabe isa ta'ee osoo jiruu dhala namaa balleessaa raawwateef dhiifama gochuufiif jecha ilmasaa aarsaa godhee kennusaa agarra. Nutis egaa kan of gaafachuu qabnu "Ani jaalala inni nuuf qabu nuusasaallee dhala namaaf qabaa?" isa jedhuudha.

"Waaqayyoo ana uumama dadhabaa, baay'ee isa gaddisiise hamma kana na jaalatee mucaasaa anaaf

jedhee hanga fannooratti dhiigisaa dhangala'ee du'uutti erga na jaalatee, animmoo jaalalliin namaaf qabu hammami? Inni waan kana hundaaf dhiifama erga godhee animmoo dhiifama nan godhaa?" isa jedhu of gaafachuu qabna. Amma rakkoon keenya inni guddaan dhiifama gochuu hindandeenyu.

Kanaaf yommuu dhalachuusaa kabajnu jaalalaafi dhiifamasaa haa yaadnu. Yoo wal dhabnee jiraanne yeroo itti araaramnu haa ta'u. Nyaachuufi dhuguurra darbee waaqeffachuufi dhiifama walgaafachuun haa dabarsinu. Maal qaba guyyaa dhalootaa kana guyyaa dhiifama walgaafachuufi araaramuu yoo taasifanne? Waaqayyoo namoota hamma kanatti erga araaramne maal qaba? Warra miine, nu miidhanillee gadi jennee nagaa buusuun haa kabajnu. Nutis keessi keenya haa boqotu. Keessa keenyatti dubbii qabannee miidhamuurra araara walii haa goonu.

Akkasumas, dhugumaan kiristaanoota yoo taane waan Waaqayyoo nuu godherra warra kaaniif gochuudhaan haa kabajnu. Naannawa keenya rakkatoonni heddu jiru. Ijoolee daandiiirra waan nyaatan dhabanii qorra keessa bulan baay'eetu jiru. Kanaaf guyyichatti warra kana haa yaadannu.

Gammachuun kennuudhaan argannu waan salphaa miti. Waan qabdurraa waa xiqqoo kennitee namni sun biftisaa deebi'ee, kolfisaa geddame yommuu argiturra wanti nama gammachiisu hinjiru. Yommuu namootaaf arjoonnu keessi keenyas Waaqayyoo nutti gammada; ittis eebbifamna. Kanaaf nama amantii keenya hordofus ta'e kaan, beeknus wallaallus, ollaa keenyas ta'u fagoo walhaa gargaarru.

Dhumarrattis ayyaanichi hunda keenyaaf kan gammachuufi nagaa akka ta'uun hawwa.

Abbootiin ...

Kaardinaaliin Mana Amantaa Kaatolikii Itoophiyaa Qulqulluu Birhaana Yasuus Suraafeel ayyaanni dhalachuu ayyaana dhalli namaa gara haqaa, dhugaafi gaarummaatti ittiin waamame ta'uu yaadachiisani; of jaalachuurraa fagaachuun, harka qalleeyyiif hiixachuufi dhukkubsataa gaafachuufi jajjabeessuun kabajamuu akka qabu ibsaniiru. Walkabajuu, walsimachuufi yaadota qoqqoodiinsaarraa fagaachuun qajeeltoo ayyaanichaa ta'uus hubachiisaniiru.

Pirezidaantiin Waldaa Kiristaanaa Warra Wangeelaa Makaana Yesuus Luba Doktor Yoonas Yiggazuu gamasaaniin, guyyaa dhalachuu Gooftaa Yesuus бага geessan jechuun, guyyichi yeroo ayyaanefatamu waliif yaaduufi nagaa waliif hawwuun barbaachisaa icciitii kabaja ayyaanichaa ta'uu dubbataniiru. Ergaan ayyaanichaa namni ofiisaa qofaaf osoo hintaane nama biraafis jiraachuu akka ta'ee yaadachiisaniiru.

Pirezidaantiin Waldaa Tokkummaa Warra Wangeelaa Itoophiyaa Paastar Tsaadiquu Abdoo ergaa бага geessanii dabarsuun; namoota sababa hongee fi nageenyaatiin rakkoof saaxilaman tumsuufi deeggaruun dirqama ta'uu dhaamaniiru. Obboloota gidduu jibbaafi walitti bu'iinsa facaasuurraa ofqusachuun barbaachisaa ta'uus hubachiisaniiru.

Hojii dippiloomaasiitiin gufuuwwan...

Ittigaafatamaan Waajjira Ministira Muummee Ittaanaafi Ministira Dhimma Alaa Ambaasaaddar Isheetee Xilaahuun Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, waraana Itoophiyaa Kaabaatti taasifamee tureen walqabatee dhiibbaan birmadummaa biyyaa gaaffii keessa galchu biyyoota lixaafi dhaabbilee idil addunyaa isaanin hogganamaniin Itoophiyaarratti taasifamaa ture.

Biyyootni Lixaa kunneen maqaa mirgaafi deeggarsa namoomaatiin karaa seera Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii faallessuun dhimma Itoophiyaarratti murteessuuf hojjechaa turuu eeranii, kanarraa kan ka'e Manni Maree Nageenyaa Mootummoota Gamtoomanii dhimma Itoophiyaarratti si'a 14 ol mari'achuus yaadachiisaniiru.

Akka ibsasaaniitti, ijaarsa Hidha Laga Abbayyaa gufachiisuufis biyyootni kunneen biyyoota yaa'aa gadii lagichaa caalaa dhiibbaa guddaa geessisaa turaniiru. Waraana ture galtee gochuun maqaa dhiittaa mirga namoomaatiin Komishinii Ogeessota Mirga Dhala Namaa Biyyoolessaa hundeessuun fedhii siyaasaasani galmaan gahachuuf Itoophiyaarratti hojjechaa

turaniiru. Rakkoon mudates Afrikaa bira taree Mana Murtii Yakkaa Addunyaatti akka ilaalamu yaalii cimaa taasisaa turuus yaadachiisaniiru.

Haa ta'uu malee, Itoophiyaan ejjennoo birmadummaarratti qabduun biyyoota Afrikaa biroo of cinaa hiriirsuun hojii dippilomaasii hojjetteen yeroo ammaa biyyootni kunneen gariinsaani hariiroo duran turetti deebi'aniiru; gariinsaani Itoophiyaa tumsaa jiru, gariinis dhiibbaa gochaa turan hir'isuu dubbataniiru.

Dippilomaasiin biyyattii ija godhachaa jiraachuu eeran Ambaasaaddar Isheeteen, biyyootni gurmuu Biriksii (BRICS) nageenyi Afrikaa Bahaatiif Itoophiyaan furmaata ta'uu hubatanii miseensummaashee mirkaneessuu ibsaniiru.

Hariiroo biyyattiin Gamtaa Awurooppaafi Ameerikaa waliin qabdus foyya'insa qabaachuu kaasanii, gamticha Itoophiyaaf deggarsa yuuroo miliyoona 600 mallatteessuusaafi Ameerikaa waliinis hariiroo gaariin jiraachuu himaniiru.

Akka isaan jedhanitti, mootummaan jijjiiramaa dippilomaasii biyyattiif wantoota bu'uura ta'an hedduu boceera. Hariiroon dippilomaasii gareedhaan

milkaa'uu gochuun ala walittidhufeenyi Itoophiyaan biyyoota ollaa waliin qabdu akka dabaluu taasisa jedhaniiru.

Gamtaan Afrikaa dhimma naannawaarratti murteessuuf ittigaafatamummaasaa akka ba'uuf gumaataa guddaa taasisuun, Dhaabbata Daldala Addunyaa keessatti miseensummaan Itoophiyaa gochaan akka mul'atu gochuun hojjelee mootummaa jijjiiramaatiin xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamaa jiran ta'uu tarreessaniiru.

Waldorgommiin siyaasaa naannawichaatti baay'achuun, biyyootni ollaa rakkoo nageenya qabaachuun, dippilomaasii dijitaalawaa mirkaneessuuf hanqinnii jiraachuun, rakkoon walitti bu'iinsa keessoo Itoophiyaa dabalatee hammaataa dhufuun, rakkoon jijjiirama haala qilleensaa dabalaa dhufuun hudhaalee dippilomaasii biyyattii ta'uu Ambaasaaddar Isheeteen ibsaniiru.

Bu'aa amma argamaa jiru caalaa dippilomaasiin biyyattii boqonnaa caalutti akka ce'uuf lammileen biyyattii hundi ambaasaaddara biyyattii ta'anii akka tajaajilan gochuuniifi rakkoo nageenya keessoo mariidhaan furuun barbaachisaa ta'uu hubachiisaniiru.

Ulaa addunyaatti...

Ulaa galaanaa argachuun Itoophiyaaf milkaa'ina guddaafi taatee dippilomaasii seenaqabeessadha kan jedhan Obbo Leencoon; haa ta'uu malee, milkaa'inasaaf fedhiin ummata Somaaliyaa itti dabalammu akka qabuufi hawaasa idiladdunyaa hafee waliin hariiroon dippilomaasii cimaa hojjetamuu akka qabu hubachiisaniiru. Keessattuu hacuuccaa kaleessa ummatni Sumaaleelaandi Sumaaliyaa jalatti keessummeessaa turerratti ummata Sumaaleelaandiif hojjechuun barbaachisaadha.

Akka isaan jedhanitti, mala kamiinuu Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuun dhimma boriif jedhamu miti. Ta'us waliigaltee amma uumameen diinummaan seenaan ture ija baasee Itoophiyaatti dhufuuf deema. Diinummaan seenaa kan Itoophiyaafi Somaaliyaa gidduu daran lubbuu horachuu mala. Gibxis diinummaa seenaan ture calaqqisiisuuf biyyoota Araba karaashee afuura baafatan Itoophiyaarratti hiriirsuu dandeessi. Ta'us, waci Itoophiyaarratti ka'uu waca yeroo turtii booda kan dagatamudha.

Kanaan booda Itoophiyaan ulaa galaanaa kanarratti sochii taasisu suutaafi bilchinaan adeemuu qabdi jedhanii; hundaa ol garuu fedhiin ummattoota gama lachuu dursa argachuu akka qabu dhaamaniiru.

Hayyuun Saayiinsii Siyaasaafi Hariiroo Idiladdunyaa Yuunivarsiitii Haromayaa Immiruu Gammachuu (PhD) gamasaaniin akka ibsanitti, waliigalteen mallattaa'e kun Itoophiyaafis ta'e Sumaaleelaandiif milkaa'ina guddaadha. Sumaaleelaandiif biyya waan hundaa qabdu taatus akka biyyaatti beekamtii dhabuurraa kan ka'e erga bara 1991 qabsootti jirti. Itoophiyaan ammoo biyya waan hunda qabdu taatee ulaa galaanaa dhabuun rakkachaa jirti. Waliigalteen kun Itoophiyaa abbaa ulaa galaanaa taasisuu qofa osoo hintaane biyya yeroo jalqabaatiif Sumaaleelaandiif beekamtii kennite ta'uun faayidaa waloo dhugoomsiteetti.

Waliigalteen kun Itoophiyaan naannawa

galaana diimaatii kallattii murteessaa qabachuun kan dandeesisedha. Kallattiin kun daldala qofa osoo hin taane huma galaanaa jabaa ijaarrachuufis daran mijataafi murteessaadha. Ulaa galaanaa Eertiraas ta'e Jibuutii yookiin kanneen biroo fayyadamuuf gatii madaalawaa qofti akka isheerara barbaadamu taasisaera.

Akka isaan jedhanitti, sadarkaa teknolojiin geejiba galaanaarraafi humna galaanaa har'a ire ga'een wayita ilaalamu ulaa galaanaa argachuun Itoophiyaa dukkana hamaa keessaa akka ifa dinqisiisaatti ba'uutti ilaalama. Qalbiin namoota hedduu marii Eertiraas waliin ulaa galaanaa argachuurratti hidhamee ture. Taateen ammaa kun garuu taate namuu ammatti hinabjooneefi firii mul'ata bal'aa qabatanii adeemuu ta'uus hubachiisaniiru.

Biyyi guddoon ulaa galaanaa malee jiraachuun salphina waan ta'eef fala kamiinuu sochiin ulaa galaanaa argachuu milkaa'uun dirqama ta'uu himanii; waliigaltee qajeeltoon kennanii fudhachuufi qajeeltoon marii milkaa'uu dhabuu waraanni hinoolu jechuun sodaa ummatni qabu hanbisuu qofa osoo hintaane kaffaltii biyyattiin ulaa galaanaaf kana dura kaffalaa turte kan salphisu ta'uu yaadachiisaniiru.

Haa ta'uutti, biyyootni Arabootaa Sumaaleelaandi qaama Somaaliyaa ta'uutti waan amananiif mormiin hangi tokko Itoophiyaa mudachuu mala. Ta'us hariiroon dippilomaasii ofii boo'aa biyya kofalchiisuu waan hintaaneef herrega kamiinuu fedhii biyya ofii eegsifachuu waan ta'eef wareegama ulaa galaanaa dhabuun Itoophiyaan kaffalaa jirtu akka hincaalles jala sararaniiru. Hojiin hawaasa idiladdunyaa amansiisuus bal'inaan yoo hojjetame bu'aansaa olaanaa ta'uus dabalataan ibsaniiru.

Waliigalteen kun waliigaltee seenaqabeessa dhalootaa dhalootatti darbu waan ta'eef miirri abbummaa ummata biyyattii gabbisuuf dhimmoota waliigalticha keessatti hammataniifi yaadimeessaa hawaasaaf ibsuun barbaachisaa ta'uus ibsaniiru.

Gabaa ayyaanaatiif omishni gahaan...

Ittigaafatamaa ittaanaan biirichaa Obbo Tasfaayee Gashoo Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, gabaa ayyaanaa tasgabbeessuuf dhiyeessii gahaa akka jiraatu gochuurratti hojii bal'aa hojjetaa jira. Daldala seeraan alaa ayyaanaan walqabatee uumamuu malurratti sirna to'annoo cimaa diriirsuun ala koree teknikii gabaa hundeessera.

Haalatti daldaltoonni gatii madaalawaan omishaalee gabaaf dhiyeessaniifi tasgabbi gabaarratti qooda fudhattoota hunda waliin marii bal'aa taasifamuu ibsaniiru. Daldaloota omishalee kuusaniifi galtee hinbarbaachisne makuun gabaaf dhiyeessuu yaalanirratti to'annaafi hordoffii jabaan ni taasifamas jedhaniiru.

Loon kuma 179fi 868, holaa kuma 186fi 149, Re'ee kuma 127fi 632 waliigala beeyilada qalmaa kuma 493fi 649 akkasumas midhaan callaa kuntaala kuma 493fi 649, kuduraafi muduraa kuntaala kuma 121fi 588, gabaaf akka dhiyaatan hojjetamaa jira. Shukkaara kuntaala kuma 26fi 134, zayita nyaataa liitira miliyoona tokkoofi kuma 558 ol, daakuu

kuntaala kuma 28fi 987 mootummaan gabaaf akka dhiyaatus ibsaniiru.

Raawwachiisaa Hojii Olaanaan Giddugala Misooma Beeyladaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Obbo Taaddasaa Tasfaayee gamasaaniin, qaala'iinsa gatii tasgabbeessuuf beeyladoota gatii madaala'aaan dhiyeessaa jiraachuu ibsaniiru.

Giddugalichi erga hojii eegalee baatii shan lakkoofsisuu himanii; killee miliyoona 3.2, aannan liitira kuma 100fi loon qalmaa 321 gabaaf dhiyeessuu danda'eera.

Giddu galichi omishaaleesaa yuuniyeenii shamattoota kutaa magaalaa Finfinnee 11 akkasumas hojjetoota mootummaafi hawaasaa naannawaatiif dhiyeessuun gabaa tasgabbeessuurratti argama jedhaniiru.

Obbo Taayyee Dhufeeraa Sheedii gurgurtaa giddugalichaatii wayita aannan bitatanii ba'an arginee akka nuuf ibsanitti, giddugalichi omishaalee qulqullina qaban dhiyeessuun dabalata gatiinsaas madaalawaadha jedhaniiru.

"Aadaan waldeeggaruufi miirri..."

Kana malees, cidha gaa'elaa kan namoota kuma tokko bakka tokkotti raawwachuun qaama sochii tokkummaafi obbolummaa cimsu akka ta'es ibsaniiru.

Biyya kanatti tokkummaa qofa osoo hintaane walkabajuun dhimma murteessaa ta'uu eeranii; wayita tokkummaafi obbolummaa keessatti walkabajuun dagaagu jibba, waldhiibuufi waltuffiin bakka dhabaa akka dhufu dubbataniiru.

Akka Obbo Qajeelaatti, hawaasni tokkoomeefi gamtoome yoomuu eessattuu dhageettii qabaachuu qofa osoo hintaane hawaasa barbaadamuudha.

Hawaasni waliigaluufi tokkummaa qabu sodaatamaafi kabajamaadha. Ummatni tokkoome waan hin yaadamneefi ulfaataa ta'e akka dalagu gaaffiin hulaa galaanaa tibbana deebii argate kaasuun ni danda'amas jedhaniiru.

Hulaan galaanaa Barbaraafi Zayilaan amma argaman kun Itoophiyaa waliin seenaa dheeraa qabaachuu yaadachiisani; bara durii meeshaaleen naannoole Oromiyaa Kibbsa, Naannoo Kibbaafi Sumaalee kallattii kanaan alatti ergamuu qofa osoo hintaane alaa illee galaa turuu ibsaniiru.

ODUU



Obbo Mursaal Amaan

Godina Silxeetti barbaree kuntaalli kuma 145 sassaabame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Silxeetti barana barbaree kuntaalli kuma 145 sassaabamuu Waajjirri Qonnaa godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Mursaal Amaan ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, bara omishaa 2015/2016tti godinichatti lafa hektaara kuma torbaafi 970 barbareen uwwisuun omisha kuntaala kuma 140 argachuuf karoofamee karoora ol lafa hektaara kuma saddeetiifi 288 uwwisuun kuntaala kuma 145 omishuun danda'ameera.

Godinichatti hangi barbaree omishamuu waggaa gara waggaatti dabalaa jira kan jedhan Obbo Mursaal, bara darbe lafti heektaarii kuma ja'aafi 887 omisha kanaan uwwifamuu yaadachiisanii, hangi lafa bara kana omishichaan uwwifamee kan bara darbee faana yoo madaalamu garaagarummaa hektaara kuma tokkoofi 400 kan qabu ta'uu himaniiru.

Omishummaan barbarees dabalaa jira kan jedhan Obbo Mursaal, kanaan dura hektaara tokkorraa yoo baay'ate kuntaalli 13 kan argamu yoommuu ta'u, bara kana garuu giddugaleessan hektaara tokkorraa kuntaala 18 kan argame ta'uu eeraniiru.

Irrajireessi qonnaan bulootaa godinichaa barbaree omishuuf xaa'oo uumamaa qopheessuun waan ittifayyadamaniif rakkoolen dhiyeessii xaa'oon walqabatu omisha barbareerratti hagas mara dhiibbaa kan hingeessis ta'uus ibsaniiru.

Bara 2013 dura dhibeen barbaree godinichatti mul'ate omishummaan akka hir'atu taasisaa turuu eeranii, bara omishaa 2015/2016 dhibee kana maqsuuf hojii sanyii barbaree dhibee dandamatuu qopheessuuf sanyii faca'u keemikaalaan sukkumuudhaan facaasuun rakkoo kana ittisuun akka danda'ame dubbataniiru.

Sababa rakkoo sirna gabaatiin kanaan dura qonnaan bulootni omishasaaniirraa bu'aa barbaadan argachaa akka hinturre himanii, rakkoo gabaan walqabatu furuuf qonnaan bulootni yuniyeeniifi waldaadhaan akka ijaarraman gochuudhaan omishasaanii kana gaba giddugaleessaafi gaba alatiif akka dhiyeessan taasisamuu himaniiru.

Ittifayyadama keemikaala farra dhukkuba kanaarratti qonnaan bulootaa bira rakkoon hubannaa jiraachuu eeranii, qonnaan bulootni keemikaalicha hinfayyadaman yoo ta'e, dhukkubichi guutummaatti maasaan omisha malee akka hafu taasisa. Kanaafuu omisha itti aanee dhufuuf qonnaan bulootni keemikaalicha intarpiraayizii dhiyeessa galteewwan qonnaarraa fudhatanii akka itti fayyadamaniif yaadachiisanii.

Hidhi Haaromsaa gara boqonnaa xumurraatt ce'eera

Ijaarsi Hidha Guddicha Haaromsa Itoophiyaa gara boqonnaa xumuraatti ce'uu Koreen Hoji Raawwachiisaa Mana Maree Biyyaalessaa hidhichaa ibse.

Itoophiyaan walitti hidhamiinsaafi misooma waloof tattaaffii taasiftu cimsitee kan itti fuftu ta'uun ibsameera.

Ijaarsi pirojektichaa erga eegalee hanga Sadaasa 20, 2016tti ummanni deeggarsa qarshii biiliyoonaa 18fi miiliyoona 734 olii taasisuun ibsameera.

Manni Maree Biyyaalessaa Koree Hojii Raawwachiisaa Hidha Guddicha Haaromsa Itoophiyaa walga'ii idilee gaggeesseera.

Walga'ichaan raawwii bara 2015, karoora 2016tiin raawwii baatiiwwan shanan darbanii gamaaggameera.

Gamaaggamichaan, hirmaannaa ummataa, misooma sulalaa, paabilik dippiloomaasiifi deeggarsa faayinaansii dhimmoonni ilaallatan qoratamaniiru.

Walitti Qabaan Koree Hoji Raawwachisaa Hidhichaa Obbo Dammaqaa Mokonnin, ummanni Itoophiyaa waggoota lamaan darban maallaqaan, beekumsaafi ogummaa



Obbo Dammaqaa Mokonnin

isaan deeggarsa taasisuuf waadaa gale, qabatamaan raawwachuun ijaarsi hidhichaa gara boqonnaa xumurraatti ce'uu dubbatan.

Ijaarsi hidhichaa waliigalan yeroo ammaa %94.6irraa qaqqabuu ibsuun, ummaanni nuffii tokko malee deeggarsaa taasisuu, hojii misoomaa sulalaa hojjechuun, miira ni danda'aama addunyaatti argisiisuu dubbataniiru.

Hidhi Guddicha Haaromsa Itoophiyaa, calaqqee gamtaa fi jalalaa biyyaa Itoophiyaanotaa akka ta'e Obbo Dammaqaa dubbataniiru.

Fuuldurattis, ummanni dameewwan garaagaraan deeggarsa isaa cimsee akka itti fufu koreen hoji raawwachiisaa xiyyeeffannaan akka hojjetuuf kallattiin kaa'ameera.

Hirmaattoonni miseensa korichaa ijaarsa hidhichaa haala milkaa'aa ta'een guutummaatti xumuruuf dhaabbileen damichaa fi naannoleen qindoomina addaan akka qaban ibsaniiru.

Walga'icharratti waggaa 13ffaan Ijaarsaa Hidha Guddicha Haaromsa Itoophiyaa haala hojjechuuf Itoophiyaanonni waadaa galaan qabatamaan bu'uressan calaqqisiisuun kan kabajamu ta'uunis ibsameera jechuun 'FBC'n gabaaseera.

Itoophiyaanonni dhaloota 2ffaa biyya alaa jiraatanis gara biyyaa isaanii wayita dhufan qophiilee garaagaraa qophaa'uun waa'ee hidhichaa hubachiisuu fi hirmaannaa isaanii akka cimsan hojjiileen bal'aan akka hojjetamu kallattiin kaa'ameera.



Harariitti pirojekttonni fayyadamummaa ummataa mirkaneessan xiyyeeffannoon hojjetamaa jiru

Harar: Pirezdaantiin Naannoo Hararii Obbo Ordiin Badrii kaabinee isaanii waliin ta'uun pirojektota naannicha keessatti hojjetamaa jiran daawwataniiru.

Daawwannaa dirree guyyoota lamaaf taasisaniin, sheediiwwan carraa hojii uumuuf oolan, iddoo gurgurtaa oomisha qonnaan bulootaa, haaromsa ganda seenaqabeessa Aw Barkallee, wiirtuu ittisa balaa ibidda tasaa, piroojektii Iko Paarkii Harar dabalatee pirojektota adda addaa daawwataniiru.

Pirezdaantiin naannichaa Obbo Ordiin Badrii raawwii pirojektota ilaalchisee gaaffilee bu'uuraalee misoomaa ummataa deebisuuf hojjetamaa jiran sadarkaa raawwii isaanii ilaalleerra jedhaniiru.

Kanaanis hojiin hordoffiifi to'annoo



Obbo Ordiin Badrii raawwii

rakkoo harkifannaa pirojektii kanaan dura mul'ate furuuf hojjetame bu'aa fideera jedhan.

Yeroo ammaa kanattiis pirojekttoonni

yeroo qabameef keessatti fi qulqullinaan hojjetamaa jiru jedhaniiru.

Pirojekttonni hojjetamaa jiran fayyadamummaa ummataa kan guddisan ta'uu ibsanii, piroojektota fayyadamummaa ummataa cimsan dhugoomsuun itti fufa jechuun dubbataniiru.

Ummanni pirojektota hojjetamaa jiraniif deeggarsa taasisaa jiran akka itti fufan gaafataniiru.

Sagantaa kana irrattis prezzaantiin naannichaa Obbo Ordiin Badrii, pirezdaantii ittaantuun naannichaa Aade Roozaa Umar dabalatee hoggantoonni olaanoon naannichaa biroo argamaniiru jechuun waajjirri kominikeeshinii naannichaa gabaaseera.



BARIISAA



Waanca Kubbaa Miilaa Afrikaa biyya kamfaatu qopheesse fudhate?

Tashoomaa Qadiidaatiin

Finfinnee: Waancaan Kubbaa Miilaa Afrikaa akka jalqabamuuf koreen kubbaa miilaa Afrikaa kan wayita ammaa Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa jedhamuun ALA Waxabajjii 18 bara 1957 magaalaa guddoo Sudaan, Kaartumitti hundeeffame.

Baruma kana waancaan kubbaa miilaa Afrikaa Magaalaa Kaartumitti akka adeemsifamuuf murtaa'e. Wayita sanatti biyyoonni koree kubbaa miilaa Afrikaa jalatti galmaa'an Itoophiyaa, Misir, Sudaaniifi Afrikaa Kibbaa waan turaniif walmorkiinis isaanuma gidduutti akka adeemsiffamu ta'e.

Walmorkii adeemsiffametti Misir Sudaaniin taphaan mo'atte, Itoophiyaan ammoo Afrikaa Kibbaarraa 'forfee' argachuudhaan waancaaf dhihaatan. Tapha waancaaf adeemsiffametti, Misir Itoophiyaa 4-0n mo'achuudhaan waancaa Afrikaa isa jalqabaa seenaqaabeessa fudhatte.

Waancaan kubbaa miilaa Afrikaa biyyoota afur jidduutti jalqabame yeroo ammaa biyyoonni Afrikaa marti miseensa ta'uun irratti hirmaachaa jiru.

Taphni kubbaa miilaa biyyoota Afrikaa kun erga jalqabamee waggoota 67 lakkoofsiseera. Waggootan kanneen keessatti biyyoonni 16 waancaa qopheesuuf carraa yoo argatan, biyyoonni 15 ammoo waancaa kana fudhataniiiru.

Isaan keessaa ammoo Misir waancicha yeroo shaniif yemmuu qopheessitu al torba shaampiyoonaa taatee fudhatteetti. Isaan keessaa waancaawwan lama hambifachuun



kan dhuunfaa taasifateetti.

Kaameeruun ammoo yeroo lamaaf waancaa kana keessumeesuun al shan fudhateetti. Gaanaan biyyasheetti yeroo afur qopheessuudhaan si'a afuriif ammoo mo'achuun kan dhuunfaa godhateetti.

Akkasumas Naayijeeriyaan yeroo sadiif shaampiyoonaa yoo taatu, al lama carraa qopheessumaa argatteetti. Aljeeriyaan yeroo lama waancaa fudhachuun yeroo tokko qopheessiteetti. Riippaabiliikiin Diimokiraatawaa Kongoo yeroo lama waancaa fudhattus carraa qopheessumaa hin arganne. Kootdivaar yeroo lama waancaa fudhachuun tokko keessumeesiteetti.

Itoophiyaan waancaa kana yeroo sadii yoo qopheessitu, ALA bara 1962 waancaa Afrikaa 3ffaa qopheesitee fudhatteetti. Ergasii as waancaa fudhachuun hafee sadarkaallee argattee hinbeektuu.

Akkasumas Tuuniziyaan alsadii qopheessuudhaan al tokko fudhatteetti.

Sudaan yeroo lama keessumeesuun al tokko shaampiyoonaa taateetti. Afrikaan Kibbaa yeroo lama qopheesuun al tokko waancicha argatteetti. Zaambiyaan, Seenegaal, Morookoofi Kongoo Kinshaasaa yeroo tokko tokko waancaa kana fudhataniiiru.

Waanca kana fudhachuuf carraa argachuu baatanis Ikuwaatoriyaal Giiniin, Gaaboon, Burkiinaa Faasoo, Angoolaafi Maaliin yeroo tokko tokko qopheesaniiru.

Yeroo 33f osoo addaan hincitin haala miidhagaan biyyoota armaan olitti eeramanitti kan adeemsifame waancaan kun baranas qopheessumaa Kootdivaariin yeroo 34ffaaf adeemsifamuf jal bultiirratti argamna.

Waanca Kubbaa Miilaa Addunyaatti aanee miira addaatiin ummata Afrikaa biratti eegamaa kan jiru wal morkiin kun, ALI Amajii 4 hanga Guraandhala 6 bara 2016 magaaloota Kootdivaaritti kan adeemsifamu ta'a.

Biyyoonni 24 ramaddii jahatti qodamuudhaan tapha waancichaarratti kan hirmaatan yoo ta'u, qopheesituun waancichaa Kootdivaar, Naayijeeriya, Ikuwaatoriyaal Giiniifi Giinii Bisaawu ramaddii tokkoffaa keessatti argamu.

Misir, Mozaambiik, Gaanaafi Keepvardiin ramaddii lammaffaa keessatti kan argaman yoo ta'u, Shaampiyooni waancaa 33ffaa Seenegaal, Gaambiyaa, Kaameeruniifi Giiniin ammoo ramaddii sadaffaa keessatti argamu.

Burkiinaa Faasoo, Moritaaniyaa, Aljeeriyaafi Angoolaan ramaddii arfaaffaa, Tuniziya, Maalii, Afrikaa Kibbaafi Naamiibiyaan ramaddii shanaffaa, Morookoo, Taanzaaniyaa, Ripaabiliikiin Dimokiraatawaa Kongoo fi Zaambiyaan ammoo ramaddii jahaffaa keessatti argamu. Qophii kanaaf Mootummaan Kootdivaar Istaadiyeemii haarawaa ijaaruufi haaromsuu akkasumas misooma adda adda babal'isuuf baasii doolaarii biiliyoona tokko ol itti dhangalaaseera.

Yeroo tokkotti daaw'ataa kuma 30 keessumeessuukandanda'an istaadiyeemota haaraa sadarkaa biyyoolessaa eegan sadii ijaareera. Akkasumas dirreewwan dhiyeenya istaadiyeemotaatti argamaniifi kubbaan miilaa itti shaakalamu 12 haaraa ijaaramanii qophaa'aniiru.

Magaaloonni walmorkiiwwan itti adeemsifamanis qophiisaanii mara xumuranii keessumoota simachuuf eegaa jiru. Abbootiin qabeenyaas Hoteelota haaraa ijaaruudhaan, iddoowwan bashananaa sadarkaasaanii eegatanifi konkolaatota barbaachisan mara ga'inaan dhiyeessuun tuuristoota simachaa jiru.

“Waamichi Itoophiyaanota...

nageenyaas gaariidha. Amma Finfinnee keessan jira. Tibbana gara kutaa biyyaan deema. Waamichi ittifufeera. Waamicha kabajaa kanas arganneerra. Ani wagguma waggaa dhufullee waamicha dhiyaateen walqabatee haalonni naa mijaa'aniiru. Ayyaana Qillee sababeeffachuun Duukamitti lammiilee harkaqaal'eeyyii 118 sagantaa maaddii qooduu nan gaggeessa.

Haala kanaan waamichi dhalattoota Itoophiyaatiif dhiyaachuun yaada daran bareeda. Ani kanaan dura waa'ee Itoophiyaa afaanumaanin ilma kootti himaa ture. Kanin ittihimaa turerra yoo qaamaan argamee ilaale filatama. Kan biyya sanatti Faranjoonni mana barumsaatti ittihimaa turan Itoophiyaan hiyyeettii taatee ongeen itibaay'ateedha jechuuni. Oggaa dhufee haala jiru argu garuu amanuu hindandeenye. Daran dinqisiifate. Itoophiyaa keessa waan homtuu hinjirre ittifakkaachaa ture. Akka biyya rakkattuutti ilaalaa ture.

Ilma koo kana biyyoota baay'ee geessee agarsiiseera. Erga Itoophiyaa dhufee argee daran ittigammade. Kan dhufne biyya qorrurraa waan ta'eef haaluma qilleensaa as jiruttillee gammadeera.

Turuufillee fedhii guddaa qaba. Waan asitti arges

hiriyoootasaatiif suura kaasee ergaa jira. Kanaaf waamichi kun otoo cimee ittifufee warri kaanis dhufanii ilaalanii gaariidha. Ani ittifayyadameeraa warri kaanis akka ittifayyadamanin jedha.

Waamicha dhiyaateen walqabatee hoteellonni tokko tokko odeeffannoo waan hinqabneef kanarrattis otoo hojjetamee gaariidha. Haalli nageenyaas namoota tokko tokkotti yaaddoo uumuu waan danda'uuf xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qaba.

Waamichi dhalattoota lammaffaa Itoophiyaanotaa maggaasa, “Back to your origins” jedhamuun taasifame marsaawwan sadiin kan adeemsifamu yoo ta'u, marsaan jalqaba “Connect to Your Multi-Cultural Roots” (bu'uura keessan aadaa sabdaneessa wajjin walqunnamaa) jedhamee Mudde 20 hanga Amajjii 30 bara 2016tti adeemifama.

Marsaa lammaffaan “Connect to Your Historical Roots” (bu'uura keessan seenawaa beeka) jedhamee Guraandhala 20 hanga Ebla 30tti, sadaffaan “Leave your Legacy, savor your holiday” jedhamee (Ashaaraa keessan kaa'aa, yeroo boqonnaa keessatti bashannanaa) Waxabajjii 10/2016 hanga Fulbaana 20/2017tti adeemsifama.

Kora 14ffaa qorannoo...

ta'eef duudhaa kanaan biyya ijaaruun akka danda'amus kan agarsiiseedha.

Inistitiyuutiin Qorannoofi Qo'annoo Oromoo kun hundaa'uunsaa gaaffii waggoota dheeraa hayyootni dhimma Oromoorratti qoratan kaasa turan kan deebise ta'uu kan himan immoo Daarikterri inistitiyuutichaa Obbo Dirribaa Tafarraati. Inistitiyuutichi turtii waggoota lamaa keessatti hojiilee qorannoo hedduu kan geggeesse ta'uus himaniiru.

Inistitiyuutichi bara jalqaba hundeeffame mata dureewwan garaagaraa 40 ta'anirratti hojiiwwan qorannoo kan gaggeesse ta'uu himanii, bara 2015 immoo matadureewwan gara garaa 60 ta'an irratti qorannoo gageessuu kan adeemsise ta'uus dubbataniiru.

Baranas qorannoowwan faayidaa sabaa gurguddaa qaban 62 ta'anirratti kan hojjatamu ta'uu himanii, korri akkanaa kun immoo hayyootaaf dirree kan banu waan ta'eef hirmaannaasaanii yeroo gara yerootti cimaa dhufuus eeraniiru.

“Gahee Oromoon Aartii biyyaa keessatti qabu, dhaloota duudhaa ganamaatti deebisuu, warraaqsa aadaa, aadaa mariifi naeenyaa” matadureewwan qorannoon itti dhihaatan keessaa isaan muraasa.